

ICCIITH ISA GUDDAA

1Xim. 3+16



Qopheessaan - B/Sa Hordofaa Dhinaa
(Abbaa Gammachiis) isa Qilxu kaarraa
Hagayya bara 2004

**Seeraa fi heera mana Kiristiyaanaa
Ortodoksii Tewaahidoo Itiyoophiyaa
Eegee Kan Qopha'ee dha.**

*Kutaa lallabaa Godina Wallaggaa Lixaatti Aanaa
Qilxu kaarraatti mana kiristiyaanaa
D/Ts/Qulqulleettii Maariyaamii*

Mirgi isaa Seeraan kan eegamee dha.

Galata

Kitaaba kan yeroon qopheessu deggersa addaa addaa kan naaf godhan maqaa Waaqayyoon guddaan isaan galateeffadha. Keessumatti immoo Wixinee isaa yemmuun qopheessuu barreeffama harkaan barreessuun kan na gargaaran ,

1. Barattoota mana barumsa Sanbataa D/Ts/Qulqulleetti Maariyaamii fi D/N, B/sa Waannaa Baqqalaa , D/n Gammadaa Guddaa
2. Kompiitera isaanii naaf ergisuudhaan Luba Badhaasaa Tolaa Fi B/sa Bashaadaa Xaafaa
3. Koompiitera barreessuudhaan
 - Gammachiis Imaanaa
 - Amanuu Beekamaa
 - B/soota Kolleejjii Qonnaa Najjoo keessaa B/sa Ingiduu Asnaaqee fi B/sa Takkaalinyi Yirgaa
4. Gulaaluu dhaan (Edit) gochuudhaan
 - D/n Daani'eel kabaa ,
 - B/sa Birraatuu Namarraa
 - Obbo Girmaa Ittaanaa
 - D/n Birraatuu Atoomsaa
 - Kitaaba naa gumaachuudhaan , naaf ergisuudhaan , yaada naa hiruudhaan guddaa kan na deggere Obbo Xilaahun Mallis

Maqaa waaqayyoo isa jiraataan guddaan isaan gateeffadha waaqayyoo gooftaann lafa irratti foon isaaniitiif waaqa irratti immoo lubbuu isaaniitiif waan gaarii isaaniif haa kennu Ameen!

Kan qopheesse Abbaa Gammachiis isa Qilxu Kaarraa qulqulleettii Maariyaamii

Hagayya bara 2003

ICCIITI ISA GUDDAA

Baafata

<i>Seensa</i> -----	5
<i>Boqonnaa tokko (1)</i> -----	8
1. Barumsa Amantaa -----	8
2. Faayidaa Aantaa -----	9
3. Waaqni itti amannuu amala akkamii qaba? -----	13
4. Akkeenya (Amala) Waaqayyoo -----	13
5. Waaqayyoo maaliif ijatti hin mullatu? -----	16
6. Sirna Uumamaa -----	17
uumama gaafa Sanbata Guddaa (dilbataa) -----	17
uumama wiixataa hanga kamisaa -----	25
uumama gaafaa jimaataa keessaa immoo waa'ee uumama namaa -----	27
Guyyaa gaafa sanbata duraa -----	32
Fakkii samii fi lafaa -----	33
<i>Boqonnaa Lama (2)</i> -----	34
Abboommii Kurnan (seera Waaqayyoo) -----	34
1. Hiikoo abboommii 1ffaa -----	35
2. Hiikoo abboommii 2ffaa -----	38
3. Hiikoo abboommii 3ffaa -----	43

ICCIITH ISA GUDDAA

4. Hiikoo abboommii 4ffaa ----- 55
5. Hiikoo abboommii 5ffaa ----- 60
6. Hiikoo abboommii 6ffaa ----- 65
7. Hiikoo abboommii 7ffaa ----- 69
8. Hiikoo abboommii 8ffaa ----- 73
9. Hiikoo abboommii 9ffaa ----- 77
10. Hiikoo abboommii 10ffaa ----- 82

Boqonnaa Sadii (3)-----85

Ja'an dubbii wangeelaa ----- 85

Gudunfaa dhimma seeraa ----- 90

ICCIITII ISA GUDDAA

Seensa

Icciiitii isa Guddaa

- Amantiin keenya shakkii tokko malee icciiitii guddaa qaba. *2xim. 3:-16*
- Kitaaba qulqulluu keessatti Amantiin icciiitii guddaa akka of keessaa qabu galmeeffamee jira
- Dubbiin Waaqayyoo icciiitii guddaa of keessaa qabu kana namni kam iyyuu beekumsa biyya lafaa guddaa yoo qaqaate illee, yoo Waaqayyoo hin ibsineef qorannoo dhaaf qayyabannaa dhaan bira ga'uun gonkumaa hin dandaa'amu. Beekaan biyya lafaa gonkumaa hin jiru jedhamee caafamee jira *1Qor. 1-18-21*.

Waan hundumaa kan namaaf ibsu , kan nama barsiisu
Waaqayyo Afuura Qulqulluu qofa *Mat. 16:-17*.

Kitaaba qulqulluun kun kan barreeffamee qulqulloota warra
Waaqayyootti amanantu afuura Waaqayyoon barreesse *1Phe. 2:-
20-21*

Kanaafuu namni kam iyyuu kitaaba qulqulluu dubbisuu dhaan
qofa icciiitii isaa beekuu hin danda'u kanaaf Jaandarabaan
Itiyoophiyaa Bartuu Gooftaa keenyaa kan ta,e Filiiphoos "*kan
dubbistu kana ni hubattaa*"? yeroo inni jedhu namni icciiitii
isaa beeku yoo naaf hiike malee hin hubadhu. *H.Erg.8:-31*. Kanaaf
kitaaba qulqulluu icciiitii guddaa of keessaa qabu Abbootii
Amantii gaafachuudhaan kitaaboolee isaan maxxansan
dubbisuudhaan icciiitii guddaa of keessaa qabu hubachuun
barbaachisaa dha.

ICCIITII ISA GUDDAA

- Nama hubannaa hin qabne du'atu barbaada waan ta'eef
Fkn 21:-16
- Hubataanis icciitii argachuun kan danda'amu Abbootii
irraa barachuudhaan *S.K.D.32:-7 Iyob. 8:-8-10, Iyob. 15:-18*
- Wanta isaan irraa baranne immoo qabannee isaan faana
akka buunu kitaaba qulqulluun nu akeekkachiisa *Ibr. 13:-7*
- Egaa waan icciitii Amantii kan baruun barbaachiseef
raajoonni sobduun utuu hin baratiin ,utuu hin hubatiin,
Ergamaa ifaa fakkaachuudhaan nama kan dogongorsan
waan baayyataniif *2Qor. 11:-12-14* , Icciitii kitaaba
qulqulluus dalga kan micciiran waan jiraniif *2Phex. 3:-16*

Isaan kun immoo dhumni isaanii badiisa waan ta'eef. *2Phex.2:-10-14*. akka isaanii akka hin badneef kitaaba icciitii guddaa qabu kana sirriitti barachuun barbaachisaadha.

2^{ffaa} Icciitii dubbii Waaqayyoo beekuun Bartuu (duuka bu'aa) gooftaa keenyaa nama taasisa *Mat.13-10-11*

3^{ffaa}—Mootummaa Waaqayyoo dhaaluudhaafis kan nama barbaacisu kitaaba qulqulluudha. Kanaafis icciitii isaa beekuun barbaachisaadha.

4^{ffaa} Waa'ee Eenyummaa Gooftaa keenya Iyyesuus Kiristoos Icciitii nama ta'uu isaa beekuun nama barbaachisa. *Yoh.12:-24* irratti “eenyummaa koo beektanii natti hin amantan yoo ta'e cuubbuu keessaniin duutu” waan jedhuuf , cubbuun akka hin duuneef icciitii kana beekuun barbaachisaa dha.

ICCIITH ISA GUDDAA

Dhaamsa Isa Oopheessee

Kanneen olitti caqasamanii fi ibsaman kana sirriitti faana bu'uun icciitii kitaaba qulqulluu utuu hin dogongorin hubannaa ga'aa qabaachuun (horachuun) akka bartoota Gooftaatti lubbuu ofiis ta'e, Amantootni lubbuu ofii isaanii akka fayyifatan kan hubachuun Mootummaa Waaqayyoo Gooftaa keenya Iyyesuus Kiristoos guyyaa boodaaf of qopheessuun dirqama nama amanee kamii ta'uu qaba.

ICCIITIISA GUDDAA
BOQONNAA TOKKO (1)

BARUMSA AMANTAA

Lubbuu Qabeeyyii Hundumaaf Qilleensa haaraan (*Oxygen*) barbaachisaa akka ta'e isa malee jiraachuunis akka hin danda'anne beekamaadha. Akkasumas mucaa namaa kan ta'e hundumaaf Amantiin barbaachisaa dha. Uumamni gargaarsa Waqayyoo hin barbaadne tokko illee hin jiru kan hundumaa arguudhaaf , argachuun immoo kan dandaa'amu amantiidhaan. Qulqulluun Phaawuloos *Ibr.11:-6* irratti amanti malee Waaqayyoon gammachiisuun hin danda'amu akkuma jedhe gargaarsa kana argachuudhaaf immoo Amantiin barbaachisaa dha.

Amantiin meeshaa keenya isa Waaqayyoo guddaa ittiin gammachiifnuudha. Kanaaf iyyuu baruumsa amanti gadfageenyaan barachuun barbaachisaadha.

- Amantii jechuun kan waaqayyoo fi namni ittiin wal-arganiidha.
- Karaa ittiin mootummaa waaqayyoo tti galluudha.
- Kan ittiin mucummaa argannuu dha.
- Kan ittiin fayyinuudha.
- Kan ittiin gidiraa jalaa oolluufi . k.k.f dhaaf.

Kanaaf Amantiitti cimoon barbaachisaa waan ta'eef namni tokko yoo Amantiitti cime bu'aa inni argatu guddaadha.

Kanneen Amantiitti jabaatanii bu'aa guddaa argatan kutaa kitaaba qulqulluu keessaa:-

- Fkn; - 1. Abrihaam Abbaa Amantii *S.Um.12:-1 , 22:-1*
2. Ijoollee sadanuu *R.Dan.3:-1*
3. *R.Dan. 6:-1*

ICCIITII ISA GUDDAA

4. Seenaa Ajajaa dhibbaa *luq.7*
5. Dubartii Yoosqiinaa Jedhamtu (Ishee dhiigni ishee waggaa 12 dhangala'aa ture) *Mar. 5:-25*
6. Seenaa Dubartattii Kana'an *Mat.15-21*

Isaan kanaa fi kana fakkaatan amantii cimaa qabaachuu isaaniin Faayidaa guddaa argataniiru, eebbifamaniiru. Egaa walumaa galatti Amantiin meeshaa keenya isa guddaa Waaqayyoo uumaa keenya kan ittiin gammachiisnee gammachuu fi eebba kan ittiin argannuudha.

Amantiitti cimoon kan dandaa'amu immoo dubbii sagalee Waaqayyoo barataniitti jiraachuudhaan *Rom.10:-17*. kanaafuu jabaannee icciitii Amantii Barachuu n barbaachisaa dha.

FAAYIDAA AMAANTII

1. Amantiin foonii fi lubbuuf faayidaa guddaa qaba.

Faayidaa inni fooniif kennu:

A.Fooniif nagaan ni laata

Namni biyya lafaa keessa yeroo jiraatu nagaan guutuu hin qabu. Nagaan argachuudhaafis gara mana dhugaatii, gara mana bashannanaa, gara iddoo taphaa ni dhaqa. Haata'u malee yeroo sanaaf yoo argate iyyuu deebi'ee ni dhaba. Garu nagaan amantiidhaan argamuu akka kan biyya lafaa miti. *Yoh. 14 ÷ 27* irratti Gooftaan Iyyasuus Kiristoos nagaan isiniif kenna . nagaan isinii kennu kun akka kan biyya lafaa miti jedhee jira. Ogeessichi solomoon *Fakk. 16 ÷ 7* "adeemsi kee Waaqayyoon kan gammachiisu yoo ta'e diinoota kee wajjiin akka nagaan jiraattu si go'ha jedha." *Isaay.26 ÷ 3* irratti amantee kan jiraattu,

ICCIITHI ISA GUDDAA

nagaa kenniif nagaadhaanis eegi jedha. *Filiph. 4÷7* nagaa Waaqayyoo laphee keessaniif yaada keessan haa eegu jedha. Walumaagalatti yoo Waaqayyoo foon keenyaaf nagaa kenne malee taa'anii ka'uun, adeemanii galuun hojjetanii jiraachuun gonkumaa hin danda'amu. Namummaan namaas hafee maraatuus ni jedhama. Kanaaf amantiin fooniif nagaa ni kenna.

B. Fooniif Eebba Kenna

Eebbi Waaqayyootti amanuudhaan, kennamu inni jalqabaa dhala argachuu dha. Waaqayyoo Gooftaan *Uum 1÷22* wal horaa baayyaadha, lafaas guutaa akka jedhe *Far.127÷3* ijoolleen kennaa (eebba) Waaqayyootti akka jedhamee caafamee jiru, kennaa kana argachuudhaaf Waaqayyootti amananuun yoo ta'e malee, karaa kam illee hin danda'amu. Kanaaf iyyuu amantiin eebba jalqabaa dhala namaa kenna.

Eebba lammaffaa amantiin namaaf kennu immoo, waan xiqqoo namaaf eebbisa (baayyisa). *1Mot. 17÷20, 2Mot. 4÷1-7.*

C. Fooniif fayyummaa kenna.

Namni biyya lafaa kana keessa yeroo jiraatu yeroo adda addaa dhukkuba adda addaatiin ni dararama. Dhukkuba kana irra fayyuudhaaf jedhee yeroo asiif achi fiigu ni argama. Haata'u iyyuu malee garuu fayyinni yoo Waaqayyoo biraa dhufe malee hin ta'u. Namootni baay'een qarshii isaanii fixanii fayyina dhabanii amantiidhaan immoo gara Waaqayyootti deebi'anii kan fayyan danuu dha. Fkn. *Ni'iimaan* nama jedhamu loltuu Soriyaa *2Mot. 5÷1 Barteelomoos ilma Xemoos Luk.18÷42*, namoota lamtsiidhaan (dhahichaan) qabaman kurnanuu keessa isa tokko *Luq. 17÷19.* , Waggaa kudha

ICCIITHI ISA GUDDAA

lama guutuu dhiigni ishee kan dhagala'aa ture *Yoosiqnaa*
Mat 9÷22, iddoo ijaa (agartuu) malee kan dhalate. *Yoh. 9÷1*,
hojjetaa ajajaa dhibbaa Roomaa. *Mat. 8÷13*

QORICHA MANA KIRISTAANAA KEESSAA KENNAMU AMANTIIN FUDHATANII KAN FAYYAN

- Wagga 38 ciisaa kan ture *Matsaguyi Tsabala*
Ergamoonni Waaqayyoo eebbisanii *Yoh. 5:-1*
- Tsabala Yoordaanos *2Mot 5÷19*
- Wayyaa (huccuu)Gooftaa tuquudhaan *Mat 14÷34*
- Gaadidduu barattootaatiin *H.Er 5÷15*.
- Marata mataa luubotaatiin *H.Er.19÷11*.
- Dibata qulqulluudhaan. *Ya'iq.5÷13*

Fakkoodhaan, Fannoodhaan k.k.f. warra amantiidhaan
dhiyatan gatii tokko malee fayyinni foonii mana
kirstitaanaa keenya keessatti kennamaa ture har'as
kennamaa jira booris barabaraan ni kennama.

D. Gidiraa (rakkina) keessaa ni oolcha

Mucaan namaa biyya lafaa keessa yeroo jiraatu karaa
adda addaa gidiraan adda addaa isa ni qunnama. Gidiraa
kana keessaa kan isa oolchu Waaqayyoo duwwaa dha.
Namootni baay'een Waaqayyootti amananii Waaqayyoo
gidiraa keessaa isaan oolchee jira. Fkn :-

ICCHITILISA GUDDAA

- Ijoollee Sadan *Daan 3+1*
- Raajicha Daani'eel *Maat.6+1,*
- Mardaakiyoos fi *Asteer 1+1*
- Qulqulluu pheexiroos *H.Erg. 12+6*
- Qulqulluu phaaawuloos *Ibr. 11-33*

2. Faayidaa Amantiin Lubbuudhaaf kennu

Amantiin faayidaa fooniif qofa miti. Lubbuufis ni fayyada malee kitaabni qulqulluun namni jireenya addunyaa kana guutummaa isaa buufatee lubbuu isaa yoo gate maal fayyada akkuma jedhe. *Mar.16+16* kan amanee ni fayya jedhe. *Yoh 3+16* isaatti kan hin amanne itti ni murteeffama. *Yoh 8+24* eenyumaa koo beektanii yoo anatti amanuudhaa baattan cubbuu keessaniin ni duutu. Jechi armaan olitti bareefame kun lubbuudhaaf kan bareeffameedha. Namni yoo Waaqayyootti amanee lubbuun isaa gara jireenya bara baraa ammaaf gara jannataa guyyaa xumuraa immoo gara Iyyerusaleem ishee samii deemti.

Yoo amanuu digdee mataa jabaatte gara rakkina bara baraa, guyyaa xumuraa immoo gara ibidda Gahaannam seenti. kana jalaa ooluudhaaf qorichi isaa har'a amantiitti jabaachuudha. Barattootnis amanti malee fayyuun akka hin danda'amne barsiisaniiru *H.Er 16+30*. Kanaaf faayidaa amantiin lubbuuf kennuu quddaadha.

ICCIITII ISA GUDDAA

WAAQAYYOTTI AMANUUN AMALA AKKAMII QABAA?

Jireenyi isaa fi akkeenya isaa maal fakkaata? Jireenyii fi amalli Waaqayyoo akkasumas akkeenya isaa sammuu mucaa namaatiin Qoratamee bira gahuun hin danda'amu. Waaqayyoo Gooftaan ofii isaatiin jaalallee isaa warra isa jaallatutti mullisee isaan immoo akka namaaf galutti akka inni hubatutti kitaaba qulqulluu keessatti caafame.

1. JIREENYA WAAQAYYOO

Jechi Afaan Oromootti Waaqayyoo jedhu Afaan Gi'iziitti immoo '*Igzi'abheer*' jedhama. Hiikaan isaan immoo Gooftaa adunyaa kanaa, bulchaa addunyaa kanaa lubbuu hundumaa nyaachisaa (sooraa hundaa) jechuudha. Walumaa gala kan argamuu fi kan hin argamne, kan qabamuu fi kan hin qabamne, hundumaa kan uume, dura kan ture ammas gara fuulduraattis bara baraan kan jiraatu, Barri kan hin lakka'amneef *Elshaadaay* jechuudha. *Far.54÷19, Iyo.36÷26* Waaqayyoo uumama isaatiin ni beekama. *Far19÷1, Far 96÷6, Iyo 12÷7, Rom 1÷20* isaan Kun hundumtuu Waaqayyoo uumama isaa fuuldura akka ture hojii harka isaatiin Waaqummaan isaa akka beekamu kan dubbatuudha.

2. AKKEENYA YKN AMALA WAAQAYYOO

2.1. *Amalummaa Hafuuraa qaba. Yoh.2÷24* Waaqayyoo hafuura *2Qor 3÷17* Gooftaan hafuura.

2.2. *Iddoo hundumaatti ni argama. Far 139÷7* gara samiitti yoo ol ba'ees gara lafa jala yoon dhaqees ati iddoo hundumaa jiraatta si fuulduraa eessan dhaqa? *Erm 23÷23*

ICCIITI ISA GUDDAA

“ani Waaqa dhihoodha malee Waaqa fagoo miti namni yoo na dhokate ani hin arguuree?” Ani samiif lafa guutee waanan jiruuf

2.3 . *Qulqulluu dha*

S.ba'u 15÷11 qulqullummaan kan kabajame kan akka Waaqayyoo eenyu? *Lew. 11÷44* ani Waaqayyoo keessan qulqulluu akkan ta'e isiniis qulqulluu ta'aa. *1Sam 2÷2*, Qulqulluun akka Waaqayyoo hin jiru. *Isaa 6÷3*
“Qulqulluu Qulqulluu Qulqulluu Waaqayyo Gooftaa maccaa jedhanii suuraafeeloonni akka galateeffatan *Iphex 1÷16*

2.4. *Bara baraan ni jiraata Far 145÷13*

Mootumaan kee mootummaa bara baraati *Far 90÷2* tulluun utuu hin uumamiin addunyaa fi laftis utuu hin uumamiin (hin hojjetamiin) bara baraan hanga bara baraatti ati si'uma. *Far 102÷24* ati durumaa kaastee dachee lafaa ni uumte, samiinis

hojii harka kee dha. Isaan ni badu., hundumti isaanii akka wayyaatti ni cicciitu. Kan kee garuu barootni kee hin xumuramaan.

2.5. *Hundumaa danda'a*

Waaqayyoo waan jaallate godha. *Erm. 32÷17* yaa Waaqayyo Gooftaa ati humna kee guddaadhaan samii fi lafa diriirsite, hirree keen uumte siif kan hin danda'amne hin jiru. *Uum 18÷14* Waaqayyoof kan dadhabamu jiraaree? *Luk 1÷37, Mat 19÷26* Gooftaan Iyyesuus kun namaaf hin danda'amu, Waaqayyoof garuu waanti hundumtuu ni danda'ama.

ICCIITII ISA GUDDAA

2.6. Gara Laafessa(arjaadha)

Far 34÷8 Waaqayyoo arjaa akka ta'e dhandhamadhaa ilaalaa. *Far 103÷13* Abbaan ijoollee isaaf akka garaa laafu Waaqayyoo akkasumas warra isa sodaataniif garaa ni laafa. *Mat 14÷14* Gooftaa Iyyesuus Kiristoos namoota isa duukaa bu'aniif garaa laafeefii kan isaan nyaatan kenneefii warra dhukkubsatan immoo fayyise. *2Se Bar.30÷9* Waaqayyoo keessan arjaa fi dhiifama kan namaaf godhuudha.

2.7. Waaqummaa isaatiin kan nu eeguu

Mat 10÷30 isiin illee rifeensi mataa keessan tokkon tokkon ishee na fuulduratti kan lakka'amteedha. *Yoonas 1÷4* ogeessa fi beekaadha. *Far. 94÷8* gurra kan uume hin dhaga'uuree? Ijas kan tolchee hin arguuree? *Yoh. 7÷15* warri Yihuudotaa barumsa dheera utuu hin baratiin attamitti beeke? Jedhanii dinqisiifatan (ogummaa kana eessaa fuudhe ?) jedhu turan.

2.8. Ogeessaadha

Roome 11÷33 badhaadhummaan Waaqayyoo, ogummaa fi beekumsi isaa attam gad-fagoodha.

2.9. Gargaarsa hin barbaadu

Uum 1÷3 Waaqayyoo Ifni haa ta'u jedhe Ifas ni ta'e. *Isaa 40÷13* hafuuraan Waaqayyoo kan ajajee eenyuudha? Kan gorsee eenyuudha. *Ho.Er 11÷24* adunyaa kanaa fi ishee keessa kan jiran hundumaa kan uume Inni Gooftaa Waaqaati fi lafaa. *Isa 42÷5, Isa 40÷13, Rom 11÷34.*

2.10. *Hin jijjiiramu*

Waaqayyoo ofii isaas ta'e jechi isaas hojii isaanis hin jijjiiramu .S. lakk 23÷18 soba dubbachuudhaaf Waaqayyoo nama miti.

ISam 25÷29 Humna Isiraa'el kan ta'e Waaqayyoo akka namaa hin sobu hin gaabbus.

Milk 3÷6 Ani Waaqayyoo hin jijjiiramu.*Mat 24÷35* Lafaafi Samiin ni darba Sagaleen koo garuu hin darbu. *Fakk 1÷17* kennaan gaarii ta'e hundumaa ol gararraa gubbaadha abba Eebbaa Waaqa Ifaa kan hin jijjiiramnee biraa kennama.

WAAQAYYOO MAALIIF IJATTI HIN MUL'ATU?

Waa'ee Akkeenya isaatiif hin mul'atu.Akkeenya isaa kan jedhaman kunis:-

1. Akkeenya Ibibdaa.S.Ba'u 34÷29, Far18÷8, Far 50÷3, S.Ba'u 33÷18
2. Akkeenya Ifaa Qaba.Far 36÷9, Far104÷2, Yoh 8÷12, IXimo6÷16
3. Akkeenya Kakawwee qaba. Ba'uu.19÷16, Far.77÷17, Hiz.1÷4.
4. Akkeenya Requqummaa. Yoh 8÷59 ,Luq 24÷37, Yoh 10÷39
5. Akkeenya Guddinaa Qaba. Far 104÷1.

Akkeenya armaan Oliitti caqasame kana irra kan ka'e arguudhaaf humni mucaa namaa hin danda'u.kaan iyyuu miti uumama inni uume biiptuu namni ija isaaa ol fuudhee keessa ilaalu hin danda'u . Isa xiqqoo kana hin dandeenye erga ta'ee Waaqayyoo isa guddaa arguun ni danda'amaaree? Waaqayyoon ijaan arguun hin danda'amu yoo ta'e iyyuu gochaa isaan ni mul'ata. Yeroo dhukkubsannee kadhannu nu fayyisuu isaatiin; bokkaa roobsee biqila biqilchee nu sooruu isaatiin

ICCIITII ISA GUDDAA

ni agarra. Waaqayyooof adda kan bahan qulqulloota abboota keenyatti immoo bifa adda addaatiin itti mullatee qajeelfama adda addaa akka inni kennu caafamee jira. *Isaa 6÷1-8*. Egaa walumaagalatti Waaqayyoo Waaqummaa isaatiin *Tsara Ariyaam Manbar Mangsit fi Samaayi Wadud* irra yemmuu jiraatu hafuura isaatiin immoo Addunyaa guutummaa ishee ni tohata, ni bulcha, ni bita ni jiraachisa. *Far 139÷7*.

SIRNA UUMAMAA

Sirna uumamaa jechuun kan bareede kan tole Uumama guutame jechuudha. Waaqayyoo Waaqummaa isaatiin uumama uume fuuldura tureera. Uumama isa uumees dabarsee mootummaa isaa bara baraan ni jiraata. Waaqayyoo uumama uume kana gara hin jirreetii gara jiraachuutti fidee kan uumeedha. *Far 33÷6-9, Far 24÷1-3, Far 104÷1-35, Far 136÷5, Far 148÷1*. Waaqayyoo uumama hundaa nama irra kan hafe ta'i jedhee uume. *Yoh 1÷1*. Waaqayyoo kan uume hundaa ofii isaan ofii isaaf uume. *Qol. 1÷6*.

Uumama Gaafa Sanbataa (Dilbataa)

Waaqayyoo hojii uumama isaa tokko jedhee kan calqabe guyyaa gaafa *Dilbataa (sanbata guddaa)* ti guyyaa kanaas waa saddeet (8) uume.

- Isaanis:
1. Biyyoo
 2. Bishaan
 3. Ibiida
 4. Qilleensa
 5. Dukkana
 6. Ifa
 7. Samii Torbanii fi
 8. Ergamoota

ICCIITII ISA GUDDAA

Uumamni jalqabaa 1-4 jiran isaanis arfan gosa foonii jedhamu. lubbu-qabeeyyii hundumtuu kana irraa uumaman. *Uuma 3÷19, Far103÷14, Far146÷4, Makibab 3÷20.*

• *Samii Torban warri jedhaman immoo*

1. Tsiriha Ariyaam
2. Manbara Mangist
3. Samaayi Wudid
4. Iyyeeruusaaleem Samaayaawiit
5. Iyyoor
6. Raammaa fi
7. Areeri jedhamu. *Far19÷1, Far91÷6, Far108÷5, Far113÷4, Isa.1÷2, Hzi.4÷4, Mat 6÷9, Ho.Er.7÷51, 2Qoron 12÷1-3.*

Lakkofsa tokkoo handa sadii (1-3) tti Kan caqasaman Teessoo Waaqayyoo ykn Galata jedhamu. *Isaa 6÷1, Hiz 1÷26.* Iyyeeruusaalem ishee samii irraa kan jedhamu immoo jalqaba hangafni Ergamootaa Saaxanaa'eel nagada ergamootaa 10 wajjin irra kan ture oftuummaa isaatiin keessaa kan ari'atame xumura immoo ijoollee Addaam warra gaarii hojjetaniif bakka boqonnaa isaanii bara baraa taatee qophoofta kan jiraattuudha. *Gal. 4÷26, Ibr.12÷22, Mul.21÷2, Mat 25÷34,* Samii ishee haaraa jedhamtee waamamti *Isa 65÷7, Isa 66÷22.*

Samiin hafan sadeenuu immoo nagada Ergamootaa 30(soddomaan) qoodamanii irra kan jiraataniidha. *Mat18÷10, Mat24÷36, Mula18÷7, 2Qoro 12÷3.*

ICCIITII ISA GUDDAA

Jechi samii jedhu bakka lamatti qoodama.

1. Armaan olitti kan tarreesinee samii torbanuu yeroo ta'u.
2. Isa argamu ija keenyaan kan ilaallu isa akka waciitii gad-gonbifamee argamuu dha. Ragaan isaas kitaaba qulqulluu keessaa *Mat 5÷18* dhuguma isiniin jedha hanga lafti kunii fi samiin darbaniitti qubee seeraatti gartokkeen hin badu. *Mat 6÷26*.

Mee! Allaattii samii keessaa ilaala. *Uum 1÷6*
Waaqayyoo Gooftaan bishaan isa ol hafee jiruuf isa gadi gargar baasuuf *SEMII* ykn *XAFAR* haa ta'u jedhee. *Isa. 13÷10, H. Er.1÷11*.

Samii torbanuu warri jedhaman immoo semii isa amma caqasame olitti kan argamu yeroo ta'u bakka sadiitti immoo qoodamu.

Isaanis:-

1. Sadanuu teessoo Waaqayyoo
2. Iyyeerusaalem ishee samii fi
3. Teessoo ergamootaa sadanuu ti.

ERGAMOOTA

Wantoota gaafa sanbata Guddaa uumaman keessaa 2ffaa irratti waa'ee Ergamootaa ilaalla. Ergamoonni uumamni isaanii kana ykn sana irraa uumaman hin jedhaman. Garuu namni hubannoo xiqqoo akka irraa argatuuf jecha *Ibid*daa fi *Qilleensa* irraa uumaman jechuun caafamee jira. *Kuf. 2÷6, Isa 6÷2, Ibir. 1÷14* sababni isaa immoo qilleensi hin argamu ariifataa waan ta'eef

ICCIITII ISA GUDDAA

Ergammoonnis hojii Waaqayyootti ariifattoo waan ta'aniif kan hin argamnee fi kan hin qabamne ta'uu isaani ibsuudhaaf. Ibiddi immoo bishaan yoo daangessuu baate waan qabate hundumaa ni guba. Ergammoonnis humna cimaa kan qaban humna isaanii kanaan yoo arjummaan Waaqayyoo daangessuu baate hunda gochuu akka danda'an ibsuudhaaf.

Baay'inni Ergamoota Waaqayyoo akka tiifuu bokkaati.
Kuf. 2÷6, Ibir. 5÷11.

Ergamoonni akka uumamaniin Hangafa isaanii ta'ee kan muudamee qulqulluu Saaxanaa'eeliidha. Bakki teessuma isaas nagada Ergamoota 10 wajjin Iyyeerusaalem ishee samii irraa ture. Warri kaan immoo nagada soddoma soddomaa (30x30) qoodamanii Iyyoor, Raamaa fi Areer irra turan.

Sanbata guddaa uumamee Hangafa isaanii ta'ee kan muudamee Saaxanaa'eel guyyaa gaafa Roobii oftuummaan abba sobaa ta'uudhaan, taayitaa dheebochuudhaan ana uumaan keessan jechuu isaatiin *Iyyeerusaalem* ishee samii irraa gad-darbatame. *Isa 14÷13.* Maqaan isaas Saaxanaa'eel jedhamuun hafee Diyaabiloos jedhamee yeroo sana bakka isaa bu'ee muudamuudhaan Hangafa Ergamootaa kan ta'e Qulqulluu Mikaa'eliidha. Bakka isaa bu'ee Galati Waaqayyoo Guutuu akka ta'uu immoo kan uumame immoo Abbaa keenya Addaam. *3Maq.4÷8.* Walumaa gala Hangafotni Ergamootaa 7 (torba)tu jiru. Isaamis:-

1. Qul.Mikaa'elii
2. Qul. Gabri'eel
3. Qul. Ruufaa'eel

ICCHITHI ISA GUDDAA

4. Qul. Raagu'eel
5. Qul. Faanu'eel
6. Qul. Saaqu'eel fi
7. Qul. Efeniin jedhamu. *Isa 5+14, Dan 10+3, Dan 12+1, Xobii 12+5*

Ergamoonni qulqulloonni warri jedhaman Ergamoota Waaqayyoo warra qulqulloota ta'uu isaaniitiif koochoo isaanii irratti maqaan Waaqayyoo barreeffamee jirudha. *S. Ba'uu 23+20.*

Ergamootni bakka lamatti Qoodamu.

1. Ergamoota warra qulqulloota ifaa
2. Ergamoota warra Xuraa'oota ykn dukkana (Diyaabiloos)

moota Ifaa

moota qulqulloota warri ta'an hojiin isaani kitaaba qulqulluu i bal'inaan . Barreeffamee jira.

roo hundumaa galataaf fuuldura Waaqayyoo dhabbatu. *Heno , bara 18+15, Iyyob 1+6, Faar 104+4, Maat 18+10, Luq 1+19,*

acaa namootaa ni gargaaru (ni jebeessu) *Uum 19+1, Heno van 10+4, 2Mot 6+1, 1Mot 19+1, Far 91+11, Mat 4+11, Ibir. 13+2, 2+5.*

ira Waaqayyootti nama geessu. *Heeno 20+32, Uum. 19+7, +20, Iyob 33+23 Ho.Er 12+8 Maat 28+3, Ho.Er 1+9.*

idhannaa mucaa namaa gara Waaqayyootti dhiyeessu;
i Waaqayyoo immoo gara mucaa namaatti fidu. *Luq 1+11,*

ICCIITI ISA GUDDAA

H.Er 10+3, Mul 8+3, Mul 5 + 8

1.5. Balaa irraa nama eegu. *Uum 48+16, 20+23, Far 34+7, Far 91+11, 2Mot 6+16.*

1.6. Mucaa namaa ni gammachiisu *Mas. 3+13 Luq 1+13, 1+28*

1.7. Lubbuu qulqullootaa gara Waaqayyootti geessu. *Mat 13+28, Luq 16+22, Yihu. 1+9, Iziraa 6+16*

1.8. Guyyaa xumuraa sana galataan Waaqayyoo wajjiin ni dhuufu. *Heenok.10+1, Dan.12+1, Mat 25+30 IQor 15+51, ITasa.4+16.*

1.9. Mucaa namaaf dhiifama ni kadhatu. *Zak. 1+12, Hen. 9+20, Luq 13+8, 1+19, Far 106+23.*

1.10. Isa oftuulaa ni adabu. *Uum.19+11, 2Sam. 21 +1, 2Mot19+35, Far 35+6, H.Er 12+12.* Eegaa walumaa gala Ergamootni qulqullootni Waaqayyoo irraa kennaa addaa kan kennameef mucaaa namaa irraa ni caala. Hin dadhaban, hin nuffaan, haara-galfii hinqaban. Saala hin qaban, hin du'aniis. Kanaaf iyyuu Ergamoota Waaqayyoo salphisuun, jibbbuu, arrabsuun dha'icha namatti fida. *Hen 2+30, Far 31+18, Yiih 9+12, 2Phex 2+10, Mul 5+5.*

Walumaa gala barumsa Iyyesuus Kiristoos barsiise keessatti ykn wa'ee kirstaanummaa Ergamoota malee barsiisuun hin danda'amu. Sababni isaas akka Giiftii Maaariyaamiin Gooftaa ulfoofte kaastee kan lallaban isaan waan ta'eef.

Fkn: - Dhalachuu isaa. *Luq 2+28, 1+26, Du'aa ka'uu isaa Mat 28+1*

2. Egamoota dukkanaa

Kan jedhaman gaafa sanbata guddaa Ergamoota ta'anii kan uumaman wa'ee oftuullumaa isaanitiin taayitaan isaanii irraa molqame.gara iddoo dukkanaatti kan gad-darbatamaanidha. *2Phex. 2÷4, Isaa 13÷13, Mul. 12÷7.*

Ergamootni seexanaa kun taayitaa qophaatu irraa fuudhame malee humni Ergamoota tokkoof kenname irraa waan hin fuudhamneef hojii isa hamaa ta'een Adunyaa kana bitanii jiru. *Yoh.16÷11*

Hojii ergamaa xurawaa (Dukkanaa) ilaalcisee :-

1. Ajjeessaa dha. *Uum 4÷4*
2. Abbaa sobaati *Yoh 8÷44*
3. Oftuulaadha. *Isaa14÷19*
4. Diina hojii gaariiti. *Isa 1÷9 Mat 13÷39*
5. Jaalala kan jibbuudha. *1Yoh.3÷10, 4÷7*
6. Hadheessituu ijoollee Waaqayyooti. *Soosinaa 1÷1-dhumaatti, Zak. 3÷1, Iyyoob 1÷6.*
7. Ergamaa ifaa fakkatee soba dubbata. *1Mot 22÷19, Hiz 13÷1, 2Qor.11÷13.*

Addaamii fi Hewaaniin "Aawur" nama jedhamuun, mana Afoomiyaa seenee Ergamaa fakkatee gowwoomsuu yaade.

Ogummaan ergamtaaf kenname isaafis kennamee waan jiruuf wanta inni hin beeknee fi inni dadhabe hin jiru.

ICCIITH ISA GUDDAA

Fkn :-

1. Waaqa tokkotti ni amana; guyyaati si'a sagal ni jilbefataaf. *Ya'i 2÷19*
2. Iyyesuus kiristoos ilma Waaqayyo ta'uu isaa ni beeka. *Mar. 1÷23, 5÷6*
3. Hojjetoota Waaqayyoos ni beeka. *H.Er.16÷16*
4. Kitaaba qulqulluus ni beeka "xiqisii" isaas Gooftaaf 'xaqaseera' *Mat 4÷6*

Maaliif fayyuu dadhabee?

Sababni isaa:-

1. Yaada qalbii jijjiirrananaa waan hin qabneef. *3Maqb. 4÷23*. (*Seenaa kiristoos samiraa*) sagaleen Waaqayyoos namni qalbii hin jijjiirranne ni bada jedha. *Luq13÷1*
2. Amaantiin isaa afaaniin qofa waan ta'eef. *Ya'i 2÷26*. Sagaleen Waaqayyoo immoo amantiin hojiin hin taane gatii hin qabu jedha. *Yaa'IQ 2÷20*.
3. Of-tuulaa fi sobaa waan ta'eef. *2Tas. 2÷4*. Sagaleen Waaqayyoos namni oftuulaan, sobduun, mana koo keessaa hin jiraatu jedha waan ta'eef *Far101÷7*.
4. Seera Waaqayyoo waan hin eeganeef sagaleen Waaqayyoo seera koo kan hin eegne kadhannaan isaa jibbisiisaa (ciigga'amaa) jedha waan ta'eef. *Far28÷9*.
5. Beekaa balleessa waan ta'eef. *Yaa'i 4÷17*.

Egaa walumaagala diina dhugaa hundumaa waan ta'eef

ICCHITHI ISA GUDDAA

gowwoomsaaf jabinaan waan guutameef kara Waaqayyoo isaa dhugaa waan mormuuf, innis ta'e duuka bu'oonni isaa hin fayyan. Bara baraan ibidda "Gahaannam" keessatti gubatu malee. *H.Er.13+10, Mat13+39, Mat.25+41.*

2. UUMAMA GAAFA DAFINOO (WIIXATAA)

Waaqayyoo gaafa dafinoo (wiixataa) waa tokko uume. Innis "Xafar" kan jedhamuudha. Kunis isa asii ol ilaallu bantiiwwan Waaqayyoodha. Kan inni irraa uumamees Dukkanaa fi Bishaan irraati. Kan inni uumameefis bishaan Haanoos jedhamu isa asii ol hafee jiru sanaa fi gad hafee jiru gargar qooduudhaaf. *Uum1÷6, Kuf 2÷9.*

3. UUMAMA GAAFA FACASAA (KIBXATAA)

Waaqayyoo Gooftaan guyyaa gaafa Facasaa (kibxaxaa) waa sadii uume.

Waaqayyoo uumamaa guyyaa kanaa utuu hiri uumiin fuuldura wantoota tokko tokko sirreesse. Isaanis:-bishaan isa dachee lafa irraa hanga gara sammiitti guutetu dachee lafaa irra akka isaan ka'an godhe. Bishaan kunis galaana, *Garba (Ocean)* yemmuu jedhaman dhachee bishaan irra ka'e immoo lafa gogaa akka jedhaman godhe. *Uum 1÷7.*

Bishaan kun ol-aaree samii irratti duumessa ta'ee bokkaan jalqaba guyyaa kana roobe.

Iddoon qulqulloota (*Biheer Bitsuhan*), iddoon

ICCIITHI ISA GUDDAA

jiraattootaa (*Biheere Hiyaawaan*) fi Gennati guyyaa kana uumaman. Erga warreen armaan olii sirreessee booda waa sadii immoo uume. Isaanis:-

1. Biqiloota qubaan funaanaman
2. Waantoota haamtuun haamaman
3. Waantoota qottoodhaan muraman.

Isaan kun hundumtuu faayidaa mucaa namaaf olmaan saanis tokko utuu irra hin bu'iin arfan gosa foonii irraa uumaman. *Uum 1÷9, Uum2÷6, kuf 2÷10*

4. UUMAMA GAAFA ROOBII

Waaqayyoo gaafa kana waa sadii uume. Isaanis:-1, *Biiftuu 2, Baatii 3, Urjoota. Biiftuu fi Urjoonni ibddaa fi qileensa* irraa uumaman. Baatiin immoo bishaniif qileensa iirraa uumaman. Ifa waaqa irraa isa gaafa sanbataa Guddaa uumame dibe. *Uum1÷14, Kuf. 2÷13.*

5. UUMAMA GAAFA KAMISAA

Guyyaa kana Waaqayyoo waa sadii uume.

Isaanis :-

- 1) Garaadhaan kan lo'an
- 2) Kochoodhaan kan balali'an fi
- 3) Miilaan kan deemanii dha. Isaan kun hundumtuu arfan gosa foonii irraa uumaman *Uum1÷20, Kuf. 2÷15.*

6. UUMAAMA GAAFA JIMAAATA GUYYAA KANA
WAAQAYYO WAA AFUR UUME

Isaanis:-

- 1) Horii manaa fi alaa kan marga dheedan (nyaatan)
- 2) Horii manaa fi alaa kan foon nyaatan
- 3) Horii manaa fi alaa kan kochoodhaan kaatan. Isaan kun sadanuu arfan gosa foonii irraa uumaman. *Uum 1+20, Kuf. 2+17.*
- 4) Nama

Umamni inni 4^{ffa} fi inni dhumaa 22^{ffa} nama. Uumamni namaa uumama warra armaan olii irratti adda. Adda kan isa godhu inni guddaan fakkeenya Sillaasee fi difa Sillaaseen uumamuu isaati. *Uum 1+26.* Namni waan torba irra uumame. Isaanis baka lamatti qoodamu.

1. Arfan gosa foonii fi

2. Sadan gosa lubbuu jedhamu. Arfan gosa foonii warri jedhaman: - Biyyoo, Bishaan, Qileensa fi Ibibda.

Sadan gosa lubbuu jedhaman immoo Yaaduu (Maasab), Dubbachuu (Manaagar) fi Hafuura qabaachuu (Hiyaawiinat).

Kanneen torba (7) keessaa afur (4) gosa foonii jedhaman, kana namni bara jireenya isaatti ni raawwata. Fkn yeroo mucummaa isaa amala qileensa, yeroo dargagummaa amala ibiddaa, yeroo maangudummaa amala bishaanii, gaafa du'aa immoo amala biyyoo raawwata.

ICCHITHI ISA GUDDAA

torba booda garuu Seexxanni inni haxxeen of jijjiiruu danda'u, aangoo fi humna cimaa qabu foon bofaa uffatee afaan bofaan haasa'ee Addaamii fi Hewaaniin dogoggorsee, biqiltuu Waaqayyoo hin nyaatinaa jedhe, nyaatanii ayyaanni Waaqayyoo irraa godaanee qullaas tahan. Murteen itti kenname Gennata keessaa ari'ataman. *Uum 3÷1, Mul 12÷9, Uum 3÷22*. Guyyaa sanaa kaasee balballi Gannataa kiruubeeliin eegamuu jalqabe

Afaan bineensotaa fi namaa tokko kan ture gargar ba'e. *Kuf. 5÷1*. Bofni duraan miila afur(4) qabdi kan turtee milli ishee badee garaan akka lafa irra lootu ta'e. Nyaati ishees biyyoo, koomee Addaamii fi ijoollee isaa akka ciniintu isaan immoo sammuu ishee akka buruqsan ta'e. *Uum 3÷14*. *Hewaan* akkuma biqilicha kuttee imimmaan isaa akka roobsite dhiiga ishee ji'a ji'aan akka dhangala'u, miixuun(cinisuun) akka itti baayatu, yeroo deessu akka danqamtu itti muurta'e.

Addaam immoo dafqee dafqa isaa akka nyaatu biyyoo irraa akka uumame biyyooti akka deebi'u itti murtaa'ee akkaataa kanaan Waaqayyoo gogaa irraa uffata tolchee isaanitti uwwisee Gannata keessa isaan ari'e.

GANNATA KEESSAA ERGA BA'ANII ESSA DHAQAN? AKKAM TA'N?

Addaamii fi Hewaan Gannata keessa erga bahanii booda Ergamaa Waaqayyootiin *Dabre Qidduus* iddoo jedhamu irra akka qubatan ta'e. Utuu achi irra jiraachaa jiraanii gaaf tokko rakkina inni argee hin beekne waan itti baay'ateef iddoo gaarii kan taate Gannata hundaa irra kan caalu, Gooftaa maqaa keetiifan dhabe jedhee Hewaaniin of biraa ari'e. Yeroo kanatti Ergamaan Waaqayyoo dhufee booda karaadhuma ishee Waayyootti

ICCIITHI ISA GUDDAA

araaramtee “Iddoo kee *Gannatatti* deebitaa deemii barbadi fidi ittiin jedhe. Addaam immoo kun araarsituu koo maaliiti? rakkiftuu kooti malee yemmuu jedhu, Ergamaan Waaqayyoo deebisee kadhannaan nama haloo qabaatuu Waaqayyoo fuulduratti fudhatama hin qabu waan ittin jedheef dhaqee of birratti fide.

Erga sanaa booda ammas Waaqayyoo abbaa dhiifamaa waan ta’eef guyyaa afurtamaaf(40) bishaan guddaa cina isaanii keessa suba’ee galuu murteeffatanii guyyaa sodomii sagal yemmuu keessa turan, Ergamaan Seexanaa Ergamaa ifaa fakkaachuudhaan “Waaqayyoo kadhaa keessan dhaga’eera kootta iddoo keessanitti deebi’aa” jechuundhan Addaamitti dubbate. Addaam immoo guyyaa tokkotu naaf hafa waan ta’eef hin bahu jedhe. Gara Hewwaan immoo dhaqee Waaqayyoo abbaa manaa kee waamamna dideetti kottu dhaqii waami ittiin jedhe . Isheen immoo ati eenyadha jette. Inni immoo Ergamaa *Gabri’eeliidha* jedhee sobee. Si ta’uu kee wallaalee dhaqeen waama jette akka inni achi keessaa bahu goote. Innis gara Gannatatti waan isaan geessu fakkeessee asii gad gara Sii’oolitti isaan fudhee ka’e. Hallayyaa guddaa tokko keessati isaan geesse “ Amma ani eenyudha?” jedhee isaan gaafae? “Ergamaa Waaqayyoo *Gabri’eeliidha* nuun jette mitii?” jedhan. Yemmuu kana ofii isaa jijjiiree Seexana ta’e. ani Waaqayyoo wajjin kan wal isin lolchiise diina keessan Diyaabiloosiidha yemmuu ittiin jedhu na’anii lafa dhadha’an . Rakkina kan keessaa kan ittiin ba’uu dandeessan yoon isinitti himu yoo gootan qofa ittiin jedhe. Isaanis tole jedhan. Rakkinni isaanii waan fooyya’uuf se’anii erga sanaa booda dhagaa lama fidee dhagaaa lachuu irratti har’aa calqabee ani garrbicha Diyaabiloos, har’aa jalqabee garbittii Diyaabiloos jedhaatii anaaf mallatteessaa ittiin jedhe. Isaanis ni mallaatteessaniif. Isa

ICCIITII ISA GUDDAA

tokko ibidda Sii'ool keessa, isa tokko immoo bishaan Yordaanos bishaan Yuur jedhamuu fi Daanoos jedhamu walitti bu'e jala awwaalee achitti isaan dhiisee deeme. Addaamiif Hewwaan gara itti deeman wallaalanii hallayicha keessatti guddaa rakkatan , ni beela'an , ni dheebotan, adeemuu illee dadhbanii yeroo isaaan bitintraaan, Ergamaan Waaqayyoo Gabr'eeliin argee sinbirootan Addaam Gooftaan keessn kunoo beela'ee jira waan ta'eef kan wal lole booda araaramuun isaa hin hafu waan ta'eef ijoolleensaa booddee ijoollee keessanitti diina akka hin taaneef iija mukaa nyaaatamu gennata keessaa geessaa fii itti jedhe. Isaanis geessanii fii hallayaa(boolla) 12 guutaniif.

Abbaan keenya Addaam waggaa 100 guutuu rakkatee imimmaan isaa bishaan fakkaatu roobsee fixee dhiiga ni boo'e. Sinbirrooni ammaa kun isa naanna'anii isa mukuu erga baasanii (jajjabeessanii) booda gara iddoo isaatti deebi'uudhaaf yeroo ka'an sagalee isaanii hin dhaga'an waan ta'eef ija biqiltuu sana wayyaa isaatti gudunfatee yemmuu isaan irra keessa balal'an inni immoo lafa jala fiiguudhaan hanga Gannataatti fiige isaan irra keessaan Gannata yemmuu seenan balbala Gannataa yemmuu seenuuf inni jedhu immoo Suraafeel saayifii ibdaadhaa baatee waan jiruuf ol seenuu hin dandeenye. Jala Gannataa naanna'ee boo'uu jalqabe malee akkuma armaan oliitti tuqne waggaa 100 boo'ee seexxaanni amajajiinis (diinni) kun amma iyyuu boqotee hin teenyee jechuudhaan ajjeesuutu na irra jira jedhee itti aaree dhagaa itti galagalche. hojjaan isaa cabee dhiigni isaa dhangala'ee bishaan lagaatti dabalamee ija biqiltuu isa harka jiru dhiiga isa dhangala'een sukkuumee Waaqayyoof aarsaa godhe dhiyeesse. Waaqayyos aarsaa isaa fudhateef Addaamiidhaaf waadaa seenee guyyaa shaniif walakkaa dhalakee irraa dhaladheen cubbuu irraa kan hafe

ICCIITI ISA GUDDAA

mucaan namaa kan hojjetu hojjedheen fannootti fannifamee, du'ee awwalamee du'a keessas immoo ka'ee siif ijoollee kee hundumaa sin fayyisa ittin jedhe. *S.Um 3:-24*

Guyyaa shaniif walakkaa jechuun akka lakkoofsa mucaa namaatti waggaa 5500 jechuudha. *Far 90÷4, 2Phex 3÷1*. (Maddi jecha kanaa seeyife haaymaanoot fuula 19-21)

7) GUUYAATA GAAFA SAANBATA DURAA


Waaqayyo Gooftaan hojii waa uumuu isaatiin gaafa saanbataa guddaa calqabee gaafa jimaataa xumure. hanga guyyaa kannatti waa digdamii lama (22) uumee garuu gaafa guyyaa 7^{ffaa} tti hojiisaa irraa boqotee oole jedha. *Uum 2÷2*.

Boqotee oole yemmuu jedhamu Waaqayyoof dadhaabinni kan malu miti. Garuu mucaan namaa dadhabaa waan ta'eef sagantaa baasee waa hojjetee boqonnaa akka isa barbaachisu fakkeenya nuuf ta'uuf nu barsiisuuf jedheeti. Narraa baradhaa akka jedhe. *Mat 11÷÷28*. Egaa guyyaa sanbata duraa kun macaafa seeraa keessatti "sanbat" jedhamee ka'amee jira.

Abboommii kurnan keessatti sanbata koo kabaaji inni jedhu isa kanaadha. bal'inaan wa'ee guyyaa sanbataa fi guyyaa aayyaanootaa ilaalchisee as keessaatii ilaalla.

Uumama sanbaataa guddaa (Dilbataa) irraa eegalee hanga jimaataatti uumama keessaa addunyaa kana akka abboota irraa baranneetti fakkii armaan gadihaa ilaallu

**ICCHITH ISA GUDDAA
FAKII SAMIIF LAFA**



Hubannoo gabaabaan isaa akka argatamuuf kan qophaa'e

ICCIITII ISA GUDDAA
BOQONNAA LAMA (2)

SEERA WAAQAYYOO (ABBOOMMII KURNAN) THE RULE OF THE GOD

Waaqayyoo uumaan keenya nama yemmuu uume waa akka madaaluu fi waa akka xiinxaluuf, akkasumas akka yaaduuf sammuu banamaa kenneefii hamaa fi gaarii (tolaa) akka gargarbaasee hubatu godhee uume. Waaqayyoo fuula durattis tolaa ta'e mirga daangaa hin qabne kennameef itti baraa baraan akka jiraatuuf godhee uume.

Seera laphees kenneefii yoo uumeyyuu Addaam garuu cubbbuurraa of eegee itti jiraachuu hin dandeenye. Kanaaf Waaqayyoo ijaan kan argamu harkaan kan qaqqabamu Waaqayyoo qubee isaatiin barreessee karaa raajicha Musee ijoollee Isiraa'el guutummaadhaaf kenne. *S.ba'uu 20÷1-17, Kes.deb 5÷1.*

Seerrootni kun 10(Kudhan) waan ta'aniif Abboommota kurnan jedhamu.

Abboommotni kurnan kun waadaa walii galtee Waaqayyoo fi nama gidduutti godhamaniidha. Abboommii kurnan irratti kan barreeffame Tsillaatii (bidiruu kakuu) jedhama. *Kes.Deebii 9÷9.*

Tabotni baataa bidiruu kakuuti. Kitaabni abboommii kurnan irratti barreeffame immoo Macaafa kakuu jedhama. Abboommotni kun kan kennaman abboota darbaniif qofa osoo hin taane nuuf mucaa namootaa hundaaf. *kes.deebiil ÷2-3.*

Seerri Addaamii kaasee hanga Museetti ture seera laphee (Higga libboonaa) jedhama.

Musee kaasee kan jiru ammoo abboommota kurnan jedhamu.

ICCIITHI ISA GUDDAA

Isaanis:-

1. Waaqayyoo uumaan kee ana, ana malee Waaqa biraa hin qabaatin.
2. Maqaa Waaqa uumaa keetii akkasumaan hin waamin.
3. Guyyaa sanbata kootii qulqulleessii kabaji.
4. Haadha kee fi Abbaa kee kabaji.
5. Hin Ajjeesin
6. Hin Ejjin
7. Hin Hatin
8. Sobaan dhugaa hin ba'in
9. Hin Hawwin
10. Hiriyyaa Kee akka mataa keetti jaalladhu. *S.ba'u 20÷5, S.lew 19÷18. Lakk 1-3* tti kan tarreeffaman Waaqayyoof nama gidduutti kan raawwataman yemmuu ta'u yookaan mucaan namaa Waaqayyoof gochuu kan qabuudha. *Lakk 4-10* tti kan jiru ammo namaa fi nama gidduutti kan godhamanii dha.

1. WAAQAYYO UUMAANKEE ANA, ANA MALEE WAAQA BIRAA HIN QABAATIN

Jechi ana malee Waaqa biraa hin qabaatin jedhu Waaqayyoo jaalala nuuf qabu kan ibsuudha. Yeroo jedhu kan si uume, kan si sooru, kan si jiraachisu, ana waan ta'eef kan biraan hin waaqessin jechuu saati. Akkasumas gabrummaa Gibtsii jalaa kan si baase

ICCIITHI ISA GUDDAA

yemmuu jedhus abidda Si'oolii kan si baase jechuudha. Kanaaf laphee kee guutuu, yaada kee guutuu, humna kee guutuu, qabeenyaa kee guutuudhaan ana waaqessi, ana kabaji, ana malee immoo kan biraa hin qabaatin jechuusaati. *Kes.deb 6÷1*. Kakuu haaraa keessatti immoo isa kana yemmuu ibsu yoo na jaallattan abbommoota koo eegaa jedhe. *Yoh.14÷15*.

Isiraa'eloonni warri foonii garuu seera Waaqayyoo kana dagatanii Waaqa hormaa waaqessuudhaan baay'een isaanii ni du'an. Har'as taanaan Addunyaa kanarra kan jiraatan Isiraa'eloonni warri lubbuu abboommota Waaqayyoo kana eegu didanii Waaqa tolfamaa waaqessuu dhaan baay'een isaanii du'aniiru, baay'een isaanii immoo du'aa jiru. Kanaaf warri jiran akka hin duuneef Waaqa tolfamaa biyya lafaarra har'a guutee jiru nama hubachiisuun barbaachisaa dha. Waaqa tolfamaan har'a namoonni waaqessaa jiran fakkeenyaaf.

1. Qarshii Waaqessuu

Gooftaan keenya Iyyesuus Kiristoos *Mat.6÷24* irratti namni tokko Gooftaa lamaaf bitamuu hin danda'u kan jedhu namoota warra qarshii jaallatanii waaqessaniif jedhe.

Akkasumas qulqulluun Phaawuloos *IXim.6÷6-10* tti namoonni baay'een horii barbaachaaf jecha waraansa guddaa of waraananiiru, kiiyoottis galaniiru, Amantii irraas badaniiru kan jedhu qarshi waaqessuu isaanii agarsiisa ykn Waaqayyoon caalaa qarshii jaallachuu isaanii dhugoomsa. Kan du'anis hedduudha. Akkaan namni jedhamu Waaqayyoon dhiisee seera Waaqayyoo

ICCIITHI ISA GUDDAA

cabsuudhaan warqee ykn qarshii jaallachuun du'eera. *Iya.7+1.*

Dura bu'aa *Elsaayl Gahaaz* namni jedhamus qarshii jaallachuun du'eera. *2Mot.5+22.* Anaaniyaaf Saphiiraanis qarshii jaallachuu irraan kan ka'ee Afuura qulqulluu sobanii guyyaa tokkicha walfaana du'aniiru. *H.Er.5+5.* Eegaa walumaa gala namni har'a Waaqayyoon dhiisanii qarshii jaallatan(waaqessan) kun guyyaa isa dhumaatti qarshiin isaanii,warqeen isaanii isaan olchuu hin danda'u.*R.Sofaan.1+18.*Kanaafuu namni hundumtuu gaafa sana akka horiitti akka hin duuneef. *Far 49+20.*hara namni hundumtuu qarshii waaqessuu dhiisee Waaqayyoon waaqessuu wayya.

2. Waan gaarii kan nuuf godhani waaqessuu
3. Addunyaa waaqessuu (waan ishee keessaa jiru waaqessuu).*Yoh 4+4, IYoh2+5.*
4. Seenaa waaqessuu.
5. Dura bu'oota waaqessuu
6. Mataa ofii (ofii ofii) waaqessuu
7. Sseexana waaqessuu (Qaalluu waaqessuu)
8. Dubartii waaqessuu Fkn. *Somsoon* akka *Daliilaa* waaqesse.*ISam14+16, Abboota Firdii14+16.*Seenaa *Somsoon fi Daliilaa* kanneen kana fakkaatan waaqessuu. Keessumatti warri hormoonni Seexana waan waaqessaniif *Far 95+5.*Yeroo rakkoon tokko isaanirra ga'u fala waan argatan isaanitti fakkaatee kan waaqessan ni jiru.Akkasumas immoo baay'een

ICCIITHI ISA GUDDAA

namootaa gabaa argannaadhaaf jecha, bu'aa barbaachaaf, jaalala barbaachaaf jecha abdi isaanii isa borii hir'aanfataniiiru. Seexanarras kaayyoo ka'atanii kan waaqessan jiru. Fkn *Simi'oon Massarii* namni jedhamu kan biyya Samaariyaa keessatti afuura Seexanaatiin nama sobee / qoricha/ *Xonqolaa* namatti gochaa tureedha.

H.Er.8÷9. Akkasumas xonboree ishee iddoo afuura sobaatiin kan dubbattu turte. *H.Er.16÷16*. Isaan kuniif kan kana fakkaatan humna Seexanaatiin dibamanii dinqii garaa garaa waan godhaniif namoonni Waaqayyoon dhiisanii isaaniin waaqessaa turaniiru. Har'a illee taanaan ni jiru haa ta'u malee xumurri isaanii badiisa. Gochaa akkasii kan godhan bakka lamatti qoodamu

1. Fedhii isaaniin ituu beekanii faayidaa argachuuf jecha Seexanaan booji'amanii itti michoomanii hojii Seexanaa kan hojjetan ni jiru.

2. Seexanni ergamaa ifaa fakkaatee isaan dogoggorsee akka isaan hojii isaa hojjetan kan godhuudha. *1Qor.11÷14*. Walumaa galatti hormoonni kan isaan godhan hin godhinaa kan jedhu waan jirruuf. *Kes.Deb18÷9*. Nuti amantootni Waaqa keenya waaqessina malee kan akkasiirraas of eegaa. *Rom.16÷17*.

2. MAQAA WAAQA KEE AKKASUMAAN HIN WAAMIN S.Ba'u 20÷7

Waaqayyoo warra maqaa isaa akkasumaan waaman ituu hin adabin hin dhiisu waan ta'eef maqaa Waaqayyoo akkasumaan dha'uun gaarii miti. Maqaan Waaqayyoo uumaa keenyaa qulqulluudha. Guddaa fi waan ajaa'ibsiisaa gochuu kan danda'uu dha. Qulqulluu ta'uusaa ilaalchisee macaafa qulqulluu keessatti waan hedduun barreeffamee jira.

ICCIITHI ISA GUDDAA

1. *Far 110+9* Mootichi Daawwit maqaan Waaqayyoo kan qulqullaa'ee fi kan sodaatameedha jedhee jira.
2. *Isa.6+5* Luboota waaqarraa warri jedhaman Suraafeloonni qulqulluu(3) Gooftaa Waaqaa fi lafaa jedhanii sodaadhaan akka waammatan.
3. *Mat.6+9* Maqaan kee haa qulqullaa'u jedha
4. *Milk.1+11* Maqaan Waaqa keenyaa qulqulluudha.
5. *Luq.1+47* Armeen Waaqayyoo Giiftii Maaramiin maqaan Waaqayyoo qulqulluudha jette. Egaa walumaa galatti maqaan Waaqayyoo qulqulluu ta'uusaa iddoo baay'eetti barreeffamee jira. Kanaaf namni hundumtuu beekke kabajaan waamuu qaba malee akkasumaan waamuun sirrii miti.

MAQAAN WAAQAYYOO JABAA HUMNA QABEESSA.

1. *Erm 10+6* Yaa Gooftaa kan akka keetii hin jiru maqaan kees jabaadha.
2. *Iyaasuu7+9* Maqaan kee isa guddaaf jettee kan ati gootu maali?
3. *2Sam.7+36* Maqaan kee baraabaraan guddaa haa ta'u
4. *Erm.50+34* kan isaan oolche jabaadha maqaansaas Waaqayyoo Gooftaa Macaati.
5. *Isay.9+6* Maqaansaa Ajaa'ibsiisaa, gorsaa, jabaa Waaqayyoo baraa baraa abbaa naggeenyaa jadhamee waamama. Kanaafuu maqaasaa akkasumaan waamuun sirrii miti.

MAQAAN WAAQAYYOO UUMAA KEENYAA DINQII FI AJAA'IBSIISAA NI GODHA.

Waaqayyoo warra maqaasaa akkasumaan waaman utuu hin adabin hin dhiisu waan ta'eef maqaa Waaqayyoo akkasumaan dha'uun (waamuun) gaarii miti. Maqaan Waaqayyoo uumaa keenyaa qulqulluu dha. Guddaa fi ajaa'ibsiisaa gochuu kan danda'uudha. Qulqulluu ta'uu isaa ilaalchisee *Far 110+9 Mootichi Daawwit maqaan Waaqayyoo kan qulqullaa'ee fi kan*

ICCIITII ISA GUDDAA

sodaatameedha jedhee jira.

1. Isa. 6÷5 Luboota waagarraa warri jedhaman Suraafeloonni qulqulluu(3) Gooftaa Waaqaa fi lafaa jedhanii sodaadhaan akka waammatan.
2. Mat.6÷9 Maqaan kee haa qulqullaa'u jedha
3. Milk.1÷11 Maqaan Waaqaa keenyaa qulqulluudha.
4. Luq.1÷47 Armeen Waaqayyoo Giiftii Maaramiin maqaan Waaqayyoo qulqulluudha jette. Eegaa walumaa galatti maqaan Waaqayyoo qulqulluu ta'uusaa iddoo baay'eetti barreeffamee jira. Kanaaf namni hundumtuu beekke kabajaan waamuu qaba malee akkasumaan waamuun sirrii miti

Itti dabales, Barattooni Gooftaa Iyyesus Kiristoos akkasumas Raajoonni maqaa Waaqayyoo jiraataatiin waan baay'ee ajaa'ibsiisaa hojjetaniiru.

1. Raajichi Eliyaas maqaa Waaqayyootiin abidda samiirraa buuseera *2Mot1÷5-13*.
2. Raajichi Eliyaas maqaa Waaqayyootiin bokkaa samiirraa cufeera. Deebisee maqaa Waaqayyootiin akka roobu godheera. *1Mot18÷1, 1 Mot 22÷14*.
3. Iyyaasuun maqaa Waaqayyootiin biiftuu samiidhaa dhaabeera. *Iya.10÷1*
4. Qulqulluu Yohaannisii fi Pheexiroos maqaa Waaqayyootiin naafa adeemsisaniiru. *H.Er.3÷6*.
5. Qulqulluun Pheexiroos maqaa Waaqayyootiin namoota dhukkuba adda addaan qabaaman fayyiseera. *H.Er.4÷7-8*. Gooftaan Iyyesus Kiristoos immoo warri isatti amanan maqaasaatiin hojii hedduu nama ajaa'ibsiisu hojjechuu akka danda'an dubbatee jira. Keessumaa Tulluu hamma buqqisutti. *Mat.17÷20, Yoh14÷12*, kanaafuu maqaa Waaqayyoo akkasumaan waaamuun sirrii miti.

ICCIITHI ISA GUDDAA
MAQAAN WAAQAYYOO YEROO RAKKINAA
DA'OODHA YKN GAACHANA.

1. Ogeessichi Solomoon macaafa *Fakk.18+8* irratti maqaan Waaqayyoo Gimbii jabaadha jedhee jira.
2. Mootichi Daawwit immoo *Far 17+10* irratti hormoonni kan itti hin amanne natti marsanii maqaa Waaqayyoo kootiin nan mo'e jedha.
3. *Far 43+5* irratti siin diinota keenya ni waraanna. Maqaa keetiinis ammo isaanirra dhabbanne ni leeyyaasifna.
4. *Far 53+1* Yaa Gooftaa maqaa keetiin na fayyisi.
5. *Isay 50+10* Maqaa Waaqayyootti kan amanu isatti kan hirkatu eenyu?
6. *Far 32+20-21* lubbuun koo maqaasaa isa qulqulluutti amanteetti.

MAQAAN WAAQAYYO SEEXANA KAN SOODACHISUDHA
/NAASISUUDHA/

Barattootni Gooftaa Iyyesuus Kiristoos akkasuma gargartoonni bartoota 72'nuu maqaa Waaqayyootiin seexana baasaa turaniiru.

1. Kan amanaan maqaa kootiin seexana ni baasu *Mar 16+17*
2. Yaa Gooftaa seexanni ilee maqaakeetiin nuuf bitameera. *Luq 10+17*
3. Dubartii kana keessa kan jirtu afuuri xuraa'aan maqaa Gooftaa keenya Iyyesuus Kiristoosiin keessaa ba'i. *H.Er 16+18*

Maqaan Waaqayyoo Ayyaana kan namaaf kennu dha

1. Ayyaana nama eebbisu. *S.Lakk. 6+24-26*
2. Ayyaana mucummaa argachuu namaaf laata jechuun ayyaana mucaa Waaqayyoo jedhamu. *Mat 28+19 - 29*
3. Ayyaana fayyisuu danda'u namaaf kenna. *Yoh 5+14* kan gammade haafaarfatu, kan gadde haa kadhatu Luboota Waaqayyoo mana isaaniitti

ICCIITHI ISA GUDDAA

waamanii isaanis diibata diibanii haakadhataniif .
Kana malees hojjiin Waaqayyoo isa ajaa'ibsiisa
hojjechuudhaaf kenna adda addaa namaaf
kenna. *IQor 12÷1-11* kanaaf ulfina maqaa
Waaqayyooof keennuun ni barbaachisa.

Isa kanaaf mootichi Daawwiit. *Far.104 ÷3* maqaa
Waaqayyooof gugguufaa jedhee jira. Iddoo tokkotti
immoo anaa wajjiin maqaa Waaqayyoo guddisaa
tokkumaadhaanis ol ol in qabna jedhee jira.
Qulqulluu *Yoohannis* immoo *Mul. 11÷18* irratti
maqaa kee kan sodaatan gurguddootaa fi
xixiqqootaaf gatii isaanii ni kennita jedhee jira.
Maqaasaatiin yemmuu waltti qabamnuu
Waaqayyoo nuu gidduutti ni argama. *Mat 18÷20*.
Kanaafuu yemmuu kadhannu, faarfannu, yemmuu
maqaansaa dhaa'amu (waamamu) kabaja
guddaadhaa fi sodaadhaan ta'uu qaba.
Akkasumaan akka hin waamne of eeggachuudha.

Badiisaaf maqaasaa kan waaman jiru

1. Raajoota sobduu *Mat .7÷21-23* irratti yaa
Gooftaa yaa Gooftaa maqaa keetiin dinqii
hojjenneerraa, seexana baasneerraa, raajis
dubbaneerraa naan jettu ani garuu isiin hin
beeku ittiin jedha. Isaan kun maalummaa
/eenyummaa/ *Iyyesus Kirstoos* kan hin beekne
akka *Diyaabiloos* afaan qofaan kan waaman
hojii amantii warra hin qabne dha. Gara
deemanittis akka taphiisaatti /qoosaatti/ “ bee
yesuus siim” jechudhaan iddoo ta'uuttis hin
taannetis maqaa Waaqayyoo ni waamu
kabajamaa ta'uusaa waan hin beekneef
2. Raajii dubbatamee jiru of irratti
raawwachuudhaaf warra waaman. *Mat 25÷5*
“Maqaa kootiin ni dhufu”

ICCHITHI ISA GUDDAA

3. Ijoollee Askooyaa *H.Er.19+13*
4. Barreessitootaa fi Farisoota *Luq. 20+47*. Eega walumaa gala armaan oltti akkuma ibsame maqaan Waaqayyoo qulqulluu fi humna qabeessa waan ta'eef samiif lafaarra kan jiraatan maqaa Waaqayyoo kabajuudhaan jilbi hundumtuu jilbeenfachutu irra jira. *Filiph.2+10* maqaan Waaqayyoo kabajamuu qaba gaafa jedhamu hiikni isaa inni lamaaffaa kan inni waammate, kan inni kabaje qulqulloota isaan beekama waan ta'eef isaaniniis kabajuu jechuu dha. *Rom 8+30, Uum 12+2-3, Ba'u 23+20-23* irratti immoo qajeelfama Isiraa'elootaaf yemmuu kennu Waaqayyoo Ergamaa koo sifuuldura nan erga inni si eega biyya abdiittis si galcha, maqaan koos isa keessa jira. Isa **hin jibbin --- akkuma** jechu Ergamoota kabajuun isaanif sagaduun maqaa Waaqayyoo isaan keessa jiruuf sagaduu dha.

3. SANBATA KOO EEGI (KABAJI)

Sanbata jechuun jecha warra Ibirootaa yemmuu ta'u hiikni isaa:-

Hojii foonii dhaabuu, boqochuu ykn hojii irraa haara galfachuu jechuu dha. Kunis kan ta'e Waaqayyoo guyyaa jaha (6) hojiisaa hojjeete guyyaa torbaaffaa (7^{ffaa}) kan ta'e sanbata immoo eebbisee qulqulleesse ofii boqotee oole. Nutis akka boqonnuuf nu abboome. *Uum2+3, Ba'uu31+17*.

ICCIITII ISA GUDDAA

Guyyaa Sanbataa Boqotanii Ooluu Jechuun Maal Jechuu dha?

Akka warra Ibirootaatti miillaa fi harka maratani callisanii ta'aa ooluu ykn rafa ooluu osoo hin taane hojii Afuuraa kan ta'e waan gaarii hojjechaa ooluu jechuu dha. Isaanis:-

1. Sanbatni guyyaa waaqeffannaa waan ta'eef manasaatti argamanii waaqeffachaa ooluu jechuu dha. *S.Lew.23÷34, Luq.4÷16, Luq.2÷14.*
2. Guyyaa itti aarsaa galataa dhiyeessan waan ta'eef manasaatti argamanii aarsaa dhiyeessuu dha. *S.Lakk.28÷9-10, Nah 10÷31-33*
3. Mana waaqayyootti argamuudhaan dubbii isaa barachuu, Isas faarfachuu, kan inninuuf kenne keessaakurnoo/kudhan keessaa tokko/ baasuu. Dhukkuba cubbuuttii fayyuuf kadhachuu. *Naa. 9÷13-14, Luq.4÷31, Luq.6÷6, Yoh.7÷22-24, Yoh.9÷14, H.Er.13÷14, H.Er.15÷21, H.Er.16÷13, H.Er.17÷2.* Egaa walumaa gala hojii gaarii inni jedhamee immoo guyyaa isa dhumaa wabii kan namaaf ta'u. *Mat.25÷35-40* tti barreeffamee kan jiru sana raawwachuu dha. Innis kan dhukkubsate gaafachuu, kan hidhame dubbisu, kan beela'e nyaachisuu, kan wal-lole walitti araarsuu kanneen kana fakkaatan hojjechaa ooluutu namarra jira malee Sanbatuma jedhamee akka warra yihudootaa ooluun namarra hin jiru. Waa'ee isa kanaa Gooftaan keenya macaafa qulqulluu keessatti barreesseera. Innis akkas jechuun:-Guyyaa Sanbataa sangaan keessan bowwaa keessatti yoo kufe ni baastu mitiiree? *Yoh.5÷2-11, Yoh. 9÷14, Luq.14÷1-6.* Namoonni tokko tokko ammoo guyyaa Sanbataa kabajuu isa jedhu dalga hiikkatanii mana dhugaatii, mana sirbaa, iddoo taphaa kan kana fakkatan irras kan oolan jiru.

Guyyaa Sanbataa Boqotanii Kan Oolan Eenyu Fa'i?

Kitaaba seeraa keessatti barreeffamee akka jiru guyyaan Sanbataa hundumaaf guyyaa boqonnaati Waaqayyoo akkas jedhee jira.

1. Ijoolleen kee, Ergamootni mana keetii, Horiinkee, Meeshaa hojii keeti illee boqotee haa oolu jedha. *Ba'uu 23÷12, K.Deb.5÷4.*

2. Lafti irra qonnu illee waggaa jaha (6) qotamee torbaaffaa (7ffaa) akka boqotuuf Waaqayyoo abbomeera. *Lew 25÷2-7, K. Deb 23÷10-11.*

Tarii asirratti waggaa torbaaffaa sana keessatti ammoo maal nyaatan jechuun ni danda'ama ta'a. isa kanas Waaqayyoo akkas jedha isa waggaa jahaaffaa irratti hojjetan isiniif eebbiseen waggaa torbaaffaa keessa akka nyaattan isiniifan godha jedhe. *Lew 25÷18-22.*

3. Namni tokko garbicha ta'e waggaa 6'f haa ergamu 7^{ffaa} garuu birmadummaa haa ba'u jedha. *Ba'u 21÷5* yoo lakkii hin barbaadu garba ta'een jiraadha yoo jedhe immoo abbaa seeraa fuul-duratti dhiyaatee gurri isaa mirgaa irraa haa muramu jedhe.

Seefii *pheexroosiidhaan* gurri *Maalkos* irraa cituun isaa bilisa isa baasuu kan inni dhufe Iyyesuus Kiristoosiin dide garbummaa waan fedheef *Mat.26÷51.*

Egaa walumaagala Waaqayyoo guyyaa baay'ee isa ta'e jaha (6) hojjedhaatii torbaaffaa (7ffaa) boqodhaa jechuun isaa mucaan namaa dadhabaa, jireenya isaa immoo kan sassatu ta'uusaa beekee hojiidhaan akka hin miidhamneef kan lubbuu immoo akka hin irraanfanneef sababa dadhabina keenyaa nuuf kaa'ee malee utuu yeroo hundumaa waaqessinee guyyaa tokko qofa utuu hojjennee Waaqayyoo ni jaallata.

Siluma iyyuu hundaa qopheessee utuu hin dadhabin akka itti jiraannuuf nu uume waan ta'eef

ICCIITHI ISA GUDDAA

GUYYAA SANBATAA KABAJUU DHIISUUN NAMA ADABSIISA

Seera Lakk.15÷32 -36 irratti namichi tokko guyyaa sanbataa waan qoraan funaaneef safara keessaa baasanii dhagaadhaan ajjeesan. *Seera ba'uu 31÷15* irratti Waaqayyo guyyaa itti hojii foonii hojjetan guyyaa **ja'a** qabdu .Inni 7^{faa} immoo guyyaa kooti .Namni guyyaa kana hojii foonii hojjetu haa du'u jedha. *Hiz 20÷21.*

Guyyaa sanbataa hojii foonii hojjechuun Abboommii Waaqayyoo diiguudhaan Waaqayyoo irratti hamminaa'uu jedhama.

Guyyaa sanbataa inni jedhame Kun isa kami?

Guyyaa itti Waaqayyo hojiisaatti boqote isinis itti boqodhaa jedhee kan nuuf kenne Sanbata Duraa dha.*Kuf. 34÷12-19, Uum.2÷3, Nah.13÷20, Luq.23÷56, Yoh.19÷31.*

Sanbata duraan kun har'a maaliif kabajama hin shaaramnee?

Kitaaba qulqulluu keessatti barreeffamee akkuma jiru hin shaaramne (hin diigamne). Gooftaan keenya Iyyeesuus Kiristoos *Mat.5÷17 -20* irratti “Ani kanan dhufe seera Musee fi barsiisa Raajotaa diiguun dhufe miti jabeessuun dhufe malee . Seeratti gar-tokko qubee baduu ishee irra Waaqaa fi Lafti kun baduusaa wayya” akka jedhe hin diigamne.

Raajichi *Milkiyaas 4÷4* irratti Garbicha koo Museetti gaara Siinaa irratti seerakoo ani itti kenne yaadadhaa jedhe Waaqayyoo waan dubbateef bara baraan yaadatamuu qaba malee sanbatni kun irraanfataamuu hin qabu.

H.Er.24÷14 irratti Qulqulluu Phaawuloos karaa Gooftaarra nan deemaa Waaqa abboota kootii nan waaqessa Seera Muse fi macaafa Raajotaa keessatti kan barreeffame hundaa nan amana malee ani ‘*Gantuu*(manaafiqii)’ ykn ‘shakituu’ miti jedhe jira.

ICCIITII ISA GUDDAA

SANBATA DURAAAN HAR'A MAAF HIN KABAJAMU? SANBATA GUDDAAN MAAF KABAJAMAA?

Nuti bara xumuraarratti kan argamnu amantiitti kan qabamne yeroo dhiyoodha. Sanbata Duraanis akka biyya keenyaatti kabajamuu dhiisuunsaa yeroo dhiyoodha. Kunis kan ta'e bara 1969 kaasee sababa Mootii biyya Itoophiyaa keessatti moo'eef.

Guyyaa Sanbataa Duraayyuu kabajuu miti Waaqayyoo iyyuu hin jiru jedhamaa ture. Innis siyaasa warra Ruusiyaa fudhachuudhaan. Yeroo sana keessa waan gurguddaa waan baay'eetu ta'e kana irraan kan ka'e biyya Itoophiyaa keessatti dheekkamsi Waaqayyoo finiinee gogiinsi, beelli, wal-waraansi biyya keenya keessatti ta'ee ture. Kun hundumtuu kan ta'eef Waaqayyoon irraanfatanii seera Waaqayyoo waan cabsaniif. Haa ta'u malee abbootin seera Waaqayyoo beekaan durumaan amantiitti cimmo ta'aan sanbataa Waaqayyoo kabajataniiiru har'a iyyuu taanaan kabajaa jiru. Seerri qulqulleessaa (Qiddaasee) irratti ni gaggeeffama. Waan goowwaan dhaabe jaabaan hin buqisu akkuma jedhame yeroosan guyyaa gabaa irra waan kaa'aniif hamma har'aatti irraa kaasuun hindanda'amne. Haata'u malee amantootni sanbatni kun akka hin shaaramne beekani guyyaa kana irraa kan ka'ame gabaan kun akka irra ka'uuf Waaqayyoon kadhachuu mala. *Far. 73 fi 74÷8* irratti Hormoonni, diinonni keenya waliin mar'atanii kottaa ayyaana Waaqayyoos lafarra balleessina, mallattoollee quluqlluu ta'anis iddoo qulqulluus lafarra baleessina jedhan jedhamee barreeffamee waan jiruuf haaraa miti. *Fak 30÷21* irratti immoo lafti waa sadiin urgufamti isa araffaa immoo baachuuyyu hin dandeessu jedhamee jira.

Isaanis:-

- Ashkariin yemmuu mootii ta'u
- Balageen yemmuu quuftu
- Haftuun yemmuu heerumtu
- Garadii giiftii ishee yemmuu dhaaltu. Waan jedhamuun barbadamee'fis seera ammaa kana kan balleesse akka biyya keenyaati Ashkarii Haayile Silaasee kan ture Mangistuu Haiiyle Mariyaam(Dargiidha).Sanbata

ICCIITHI ISA GUDDAA

duraan akka addunyaatti durumaa kaasee hanga har'aatti kabajamaa jira keessumatti immoo biyya Israa'eel keessatti gaazexaa Simiha tsidqi jedhamu wagga 10^{ffaa} lakkoofsa 10 irra ilaali.

SANBATA GUDDAAN MAALIIF KABAJAMA?

Far 117(118) ÷24 irratti guyyaan Waaqayyoo hojjete isa kana jechuu dhaan Mootichi Daawwit yemmmuu dubbatu, Yoohannis abbaan Wangeelaa ammo guyyaa lGooftaa jechudhaan *Mul.1÷10* irratti ka'ee jira. Guyyaa Gooftaa inni jedhame kun Sanbata guddaa dha. Sanbata guddaan guyyaa lGooftaa waan jedhameef waa baay'edhaaf.

1. Qulqula'aa *Geebr'eel* Giiftii keenya *Maaryamiin* akka isheen Gooftaa keenya Iyyesuus Kiristoosiin ulfooftuuf misiraachoo kan inni itti dubbate *Bitootessa 29* gaafa sanbata guddaati. *Lug 1÷26*.

2. Gooftaan keenya Iyyesuus Kiristoos kan dhalate, *Mudde 29* gaafa sanbata gudaati

3. *Mat.17÷1* Waaqumma isaa gaara Taaboor gubbaatti kan inni mul'ise Hagayyaa *13* gaafa sanbata guddaati.

4. Mallattoo deebi'ee dhufu isaatii gaara Ejersaa gubbaa irratti kan inni bartoota isaatti dubbate gaafa sanbata guddaati. *Mat 24÷1* 'Dabrazayitii'

5. Mana qulqullumaa gaafa Hosa'inaa kan inni qulquleesse gaafa sanbata guddaati. *Mat 21÷22*.

6. Guyyaa inni itti du'a mo'ee du'aa ka'e gaafa sanbata gudaati. *Mat 21÷1*. Kanneen kanaa fi kana fakkaatan hojii fayyina keenyaaf ta'u guyyaa kannatti waan nuuf hojjeteef guyyaa Gooftaa jedhamee kabajama. Akasumaas qulqulluun Phaawuloos sababa amma kana irra dhaabbatee manni kiristiyaanaa ykn amantoonni torbee torbee sanbata guddaa buusii akka waliin buufatan qajeelfama kennee jira, *1Qor 16÷1 -4*.

H.Er. 20÷ 7 irratti immoo guyyaa torbeesaa jalqabaa isa ta'e sanbata guddaa irratti wal wajiin tokkumaadhaan biddeena

ICCHITHI ISA GUDDAA

isaanii cabsataniii akka nyaatan kaa'amee jira. Walumaagala sanbata guddaan akka sanbata duraa guyyaa Gooftaa jedhamudhaan akka inni kabajamuuf dhaaloota Kiristoos booda bara 1326 Mooticha *Qusxinxiniyoosiin* seerri tumame. Bara 1364 itti immoo wal-ga'ii afuuraa awudiqiyaa irratti godhame akka sanbata duraatti akka inni kabajamuuf barruu qabaadhaan murta'e. Kana irra kan ka'e sanbata guddaan akka sanbata duraatti dabalataan akka inni guyyaa waqeffannaa ta'uuf kaa'ame.

SEERA AYYAANA ITTI KABAJATAN

Waa'ee guyyaa Ayyaanotaa ilaalchisee macaafa qulqulluu keessatti iddoo baay'eetti barreeffamee jira. *Far 75(76) ÷ 10-11* irratti mootiichi Daawwit namni fedhasaatiin si galateeffata *yaada laphee saarraan kan ka'es immoo ayyaana dabalataa godhatee si waqeffata. Far.81÷1-3* irraatti immoo guyyaa ayyaana keenyaa isa guddaatti fiinoo afuufaa kan Isiraa'eliif jedhe jira. Waaqayyoo Gooftaan guyyaa 7^{ffaa} kabajadhaa jedhe akkuma mooticha Daawwit dubbate guyyaa ayyaanaas dabalataan kennee jira.

AKKA BARA DURIIITI AYYAANNI KUN TORBATU JIRA.

S.Lew 23÷2, S.Lakk.10÷10. Isaanis:

1. Ayyaana Sanbataa *S.Lew.23÷3*
2. Ayyaana Giixxaa (Faaasikaa) maxinoo *Lew.23÷5-8*

Ayyaanni Kun biyya Gibxii keessatti yemmuu turan gargaarsa Waaqayyootiin dha'icha ergamaa ittiin ooluuf ayyaneffatame *S.ba'u 12÷1-20, Efe 6÷1, Far 22÷1*.

3. Ayyaana Makarii *S. ba'u 23÷16, S.lakk.28÷26* ayyaanni Kun yeroo itti midhaan isaanii walitti qaban utuu hin

ICCIITHI ISA GUDDAA

nyaatin kurnoo isaa baasuu dhaan lafa onaa keessa yemmuu deemaa turan maannaa samii irraa bu'e nyaachaa turan Sana yaadachuudhaan ayyaaneeffatu.

4. Ayyaana Daasii ykn Gordommoo *Lew.23+26-32* ayyaanni kun gabrummaa Gibtsii jalaa ba'anii waggaa 40 guutuu bosona keessaa jooraa turuu isaanii yaadachuudhaaf jedhanii godoo ijaarratanii guyyaa 7^{ffaa} keessatti ayyaaneeffatu.
5. Ayyaana Furamaa bara mootitti Asteer, *Macaafa Asteer 9+16*. Ayyaanni kun labsii du'aa karaa mooticha Hamaan Asteerii fi lammii ishee irratti labsame laguu (Tsoomii) guyyaa 3'n du'a jalaa ooluu isaanii yaadachuudhaan ayyaaneeffatu. Guyyaa kanatti dhugaatii lallaafaa fi kennaa gaarii waliif kennuudhaan kabajatu.
6. Ayyaana Fiinoo afuufuu *Lew.23+23-25*. Ayyaanni kun bittaa Gibxii jalaa ba'anii guyyaa itti boqonnaa argatan yaadachuudhaan.
7. Ayyaana Dhiifama cubbuu *Lew.23+26-33*. Ayyaana kana akka isaan ayyaaneeffataniif kan abboome Waaqayyoo dha. *Lew 23+1-3, S.lakk.10+10*. Ayyaanotni kakuu moofaa keessatti akka kabajamaniif Waaqayyoo abboome kun kakuu haaraa keessatti immoo ayyaanota Gooftaa keeyaan akka isaan bakka bu'an ka'amee jira.

ICCIITII ISA GUDDAA

Ayyaanni Gooftaa keenyaa kunis gurguddaan Sagaltu jira.

1. Ayyaana misiraachoo dhalachuu Gooftaa keekyaa. *Luq.1÷26-38,*
2. Ayyaana dhalootaa *Luq.2÷1-20,*
3. Ayyaana Cuuphaa *Mat.3÷13-14,*
4. Ayyaana Dabra Taaboor *Mat.17÷1,*
5. Ayyaana Hosaayinaa *Mat.21÷1-17,*
6. Ayyaana Fannoo *Mat.27÷1,*
7. Ayyaana Du'aa Ka'umsaa *Yoh.20÷ 1-18,*
8. Ayyatana Ol-ba'uu Gooftaa *Luq.24÷50, Ho.Er.1÷9 fi*
9. Ayyaana pheraaqilaaxoos *H.Er.2÷1.* Akkasumas ayyaanni Gooftaa keenyaa xixiqqaanis ni jiru. Fakkeenyaaf ayyaana Fannoo (Masqalaa) isaan kun waggaan naanna'anii waan dhufanniif ni kabajamu.

WAA'EE AYYAANAA ILAALCHISEE KITAABA QULQULLUU KEESSAATTI WAAN BAAY'EEN BARRREEFFAMEE JIRA

Raajii *Hisq. 44÷23- 44* irratti Waaqayyoo akkas jedhee ajaje “Luboonni koo uummata koof waan qulqulluu ta'eefi hin ta'in waan qajeelaa akkasumas wa'ee seeraa ilaalchisee keessumatti immoo wa'ee ayyaanota kootiif guyyaa sanbataa ilaalchisee addaa baasanii haa barsiisan” jechuu dhaan.

ICCIITHI ISA GUDDAA

Raajii *Isaay. 56÷4* irratti sanbata koo eeguudhaan yoo na kabajjan amanamummaadhaan waadaa koo warrii eegan warri na gammachiistan fuunee ykn heerumnee ijoollee godhannee maqaa itti waamamnu hin qabnu jettanii isiin warri qeerrummaan na tajaajiltan yaadannoo dhabne jettanii hin yaadda'inaa. Maqaa barabaraan hin banne killaa mana kootii keessatti isiniifan kenna jedhee Waaqayyoo waadaa seeneera.

Kanaaf har'a manni Waaqayyoo yemmuu ijaaramu yaadannoo qulqullootaaf jecha maqaa qulqullootaan moggaafama. Kunis bara baraan kan jiraatu dha *Far. 112÷6*. Kanaaf har'a maqaa qulqullootaan ayyaanni ayyaanefama.

Kitaaba qulqulluu keessatti amantootni hojii foonii irraa hojii afuuraa caalchisanii akka hojjetan kanaaf Waaqayyoo waaqessuu kun immoo guyyaa ayyanaatti *IXim 4 ÷8 -12* hojii foonii fi mataa ofii leenjisuun faayidaansa muraasa. Hojii afuuraaf dadhabuun garuu amantis ta'e jireenya isa dhufuuf abdi guddaa dha jedha. Hojii afuuraa isa jireenya namaaf kennu kana kan itti hojjennu guyyaa ayyanaati.

Gal. 6 ÷8 irratti foon isaa gammachisuudhaaf jecha kan hojjetu sanarra du'a galfata. Hojii afuuraa kan hojettummoo sanarraa jireenya barabaraa galfata. Guyyaa ayyanaatti hojiin hojjetamu hojii bu'aa qabeessa akkasiiti.

Kitaaba qulqulluu keessatti baayisnee utuu hin dadhabiin hojii gaarii akka hojjennuuf caafamee jira. *2Tas. 3÷13* ni dadhabne jettanii hojii garii hojjechuuf hin dhibaa'inaa jedha.

ICCHITHI ISA GUDDAA

I Phex 3+13 yoo waan gaarii hojjetan eenyu abbaan miidhaa isinirra ga'u jedha. Hojii gaarii inni jedhamee caalaa dhumatti kan hojjetamu guyyaa sanbataati.

Kitaaba qulqulluu keessatti yeroo hundumaa hojiin Waaqayyooo nuuf baay'ate akka hojjenuuf barreeffameera. *I Qor. 15+ 58* irratti nama hojiin Waaqayyoo baay'ateef ta'aa jedha. *Luq. 12+35* irratti immoo mudhii keessan hidhadhaa yeroo hundumaa hojii waaqayyoof qopha'aa jedha.

Efe. 5+20 yeroo hundumaa galateefadhaa jedha. *Far. 84+6* irratti immoo yeroo hundumaa faarsaa galataa siif dhiyyeessa mana qulqullummaa kee keessa kan jiraatan attam kan galateeffamanii dha jedha. Hojiin kana fakkaatan hundumtuu kan isaan hojjetaman guyyaa ayyaanootaati. Kitaaba qulqulluu keessatti namni tokko guyyaa barbaade filatee guyyaa kan biraa irra naaf caala jedhee ayyaanefachuu akka danda'u barreeffameera. Namni kunis itti hin murteessiin jedha. *Rom 14+5 - 6, Far. 76+10-11* irratti immoo namni fedhi isaan isa gaariin ka'ame caalaatti caalchisee ayyaanefachuu akka danda'u dubbata.

SEERA AYYAANEFANNA AYYAANOTAA

Sirna ayyaana mana kiristanaa keenya keessatti itti kabajatan waan hundumtuu seeraa fi sabiriin haa ta'u akka jedhame *I Qor 14+40* seera mataa isatii qaba.

1. Ayyaanoota dhoorkaman:- Jechuun raawwatee hojiin kan itti hin hojjetamne kan hin shaaramne jechuudha. Ayyaanni kun ji'atti 3tu jira.

ICCIITII ISA GUDDAA

Isaanis:-Gaafa 12 Mikaa'elii, Gaafa 21 Maariyamii,
Gaafa 29 Bala Igziabher

2. Maqaa Tsillaatii dhabbatee jiruun akka naannoo isaatti kabajama.
3. Ayyaana qulqullootaa waggaadhaan naana'ee dhufu
4. Ayyaana Gooftaa keenya Iyyesuus Kiristoos waggaadhaan naana'anii dhufan.

Ayyaanoonni armaan olitti caqafamaan kun qajeelfama macaafa qulqulluudhaan.

Nuti abbootii amantiidhaan akka inni kabajamuuf kitaaba Duuka bu'oota maqaan isaa Didiisqiliyaa jedhamu buufata 18 fi 31 irratti ajajamee jira. Akkasumaas kitaaba seeraa mana kiristaana keenyaa Fitihanegest jedhamu buufata 19 lakk. 713 kaasee murtaa'e jira.

Gaazexaa Sima'aa tsidqii waggaa kurnaffaa lack. torba bara 1995 maxanfame.

Eega walumaa gala shakkitoonni fi namoonni icciitii wangeelaa hin beekne tokko tokko ayyaanni baay'achuurraan kan ka'e eebbi (barakaan) dhibee beelli biyya irratti dhufe yemmuu jedhan ni dhagaa'ama. Garuu beelaa fi hiyyummaan kan dhufe dhimma ayyaana eeguu osoo hin taane sababa kan biraaf akka ta'e wangeela keessatti caafamee jira.

1. Sassatuu irraan kan ka'e, *Ba'u 16÷22.*
2. Tole jedhanii abboomamuu diduu irraa kan ka'e.
Isay.1÷19
3. Kurnoo basuu dhiisuun *Milk 3÷7*

ICCIITII ISA GUDDAA

4. Seera Waaqayyoo eeguu dhisuudhaan, *S. Deb. 28 ÷15, Lew. 26÷14.*

Eega rakkinni, gidiraan, hiyyummaan kan inni badu danda'u Waaqayyootti amananii seera isaa eeguudha. Waaqayyoo hundumaa kan uume hundumaa gochuu akka danda'u beekanii amanuudhaan ayyaanoota inni eegaa jedhe ammo eegudhaan qofa.

Eegaa walumaa gala qulqulluun Yaahiqoob ergaa *Isa 1÷17* irratti waan gaariif kennaan eebbaa (barakaa) kan hin jijjiiramne Waaqayyoo abbaa ifaa biraa kennama jedhee jira. Kanaafuu namni jireenya isaaniif yaadda'uu dhiisee dubbii Waaqayyoof mootummaasaaf yaaduuf yaadda'uutu irra jira. Gooftaan Iyyesuus Kiristoos waangeela *Mat 6÷25 -34* irratti maal nyaatna, maal uffanna, maal dhugna jettanii hin yaadda'inaa hammaam yoo yaaddoftan illee hojjaa keessanitti dabalachuu ykn guyyaa jireenya keessanii itti hin dabalatan akka jedhu. *Ba'u 16÷1*

4. ABBAA KEETIIF HAADHA KEE KABAJI BARRI KEE AKKA SIIF DHEERATUUF. *Ba'uu 20÷12*

Abboommii kurnan keessa *4 -10* itti kan jiru immoo namaaf nama gidduutti kan raawwatamuudha.

Abboommiin 4ffaa abboommii kaan irra adda kan isa godhu

Eebba guddaa kan namaaf laachisiisu of keessaa qabaachuu isaati. Kunis gaarii akka siif ta'uuf umuuriin kee akka siif dheeratuuf abbaa fi haadha kee kabaji. jechuu isaati. *K. Deb. 5÷16, Eef. 6 ÷2-3.*

ABBAA FI HAADHA OFII KABAJUUN AKKAMITTI?

1. Abbaa fi haadha kabajuun jaallachuun. Namni jalqaba kan beeku haadha isaa yemmuu ta'u itti aanee immoo abbaa isaa ti. Mucaan tokkos dhalatee kan guddatu jaalala haadhaa fi abbaa qabani tiif waan ta'eef ijoolleenis yemmuu guddatan jaalala isaniif qaban hojiidhaan mullisuu qabu.
2. Fedhiidhaan ka'anii ajajamuudhaan Gooftichi Gooftaa Iyyesuus Kiristoos biyya lafaa irra yemmuu ture haadha isaa Giftii Maariyaamitiif maanguddoo Yooseef tiif ajajamaa tureera. *Luq 2÷51*.

Yisihaaq hanga qalamuutti abbaasatiif ajajameera. *Uum 22÷1-14*. Intalli Yoofthahii abbaasheetiif ajajamtee jaalala Waaqayyoof qalamteeti. *Ab.Fird.11÷29*. Eegaa ijoolleenis fedhii isaanitiin ajajamuun Waaqayyoonis kan gammachiisu isaaniifis eebba kankennisiiisuu dha. *Qol.1 3÷20*. Garuu abboommii diiga jedhanii ykn waan hamaa immoo hojedhaa jedhanii waluumaa gala waan jaalala Gooftaa hin taane hojjedhaa yoo jedhan hojjechuu immoo miti.

3. Abbaa fi haadha ofii gargaarauudhaan

Ijoolleen haadhaa fi abbaa isaanii humna isaaniin qabeenya isaaniin waan danda'an hundumaan gargaaruun dirqama isaaniiti *1Xim.5÷8* irratti namni maatii isaa hin gargaarre cubbuunsaa gantuu warra amantii ganana caalaa kan hammaatuudha jedha. Kanafuu jecha kana qalbeeffachuudhaan abbaa fi haadha ofii gargaaruun ni barbaachisa. Yooseef

ICCIITHI ISA GUDDAA

abbaasaa Yaa'iqoobiin gargaaraa tureera. *Uum 45+9-11, Fak 30+17* irratti namni abbaa isaa fi haadha isaa tuffatu dulluma isaanii ilaalee kan hin gargaarre allattiin gammoojjii ija isaa keessaa haabaasani jedha. *Fak 23+22* kan sidhalchee fi kan sidhaltee abbaa fi haadhakee waan ta'aniif gorsa isaanii dhaga'i. Ykn dulloomanis hin tuffatinis oolmaa isaaniis deebisuudhaan gargaari jedha.

4. Ija gaarii naqachuudhaan.

Kana jechuun immoo karaa Waaqayyoorra deemanii biyya lafaa kana irratti hojii gaarii hojjechuudhaan jedha. Fkn Barsiisaa afuuraa ta'uudhaan, Luba ta'uudhaan, phaaphaasii ta'uudhaan fi kkf. Karaa hojii biyya lafaa immoo, Dokteerii ta'uudhaan, biyya bulchuudhaan, paayileetii ta'uudhaa fi kkf gochuudhaan. Waa'ee isa kanaa dhaa ogeessichi *Solomoon macaafa fakk.10+1fi 23+24* irratti Ilmi ogeessi abbaasaa ni gammachiisa Ilmi gadheen garuu haadha isaaf gadda jedhee jira. Kanaaf ijoollotni har'a hojii gaarii hojjechuu dhaan ija gaarii naqatanii maatii isaanii gammachiisuu qabu.

5. Waan isaan nuuf godhan yaadachuudhaan kabajuu.

Abbaa if haati yeroo dadhabbi/ulfaa ka'ee hanga dargaggummaatti waan isaan nuuf godhan, aarsaa isaan nuuf baasan bara dulluma isaanii keessa kaffallee kan fixnu miti. Haa ta'u iyyuu malee yaadachuudhaan, dhimmuudhaan akkasumas jaalala isaan ittiin nu guddisan yaadannee gatii isaanii baasuun nurraa eegama.

ICCIITII ISA GUDDAA
KITAABA QULQULLUU KEESSATTI ABBAA FI
HAADHA JEDHAMANI KAN KA'AMAN JIRU.

Isaanis abbaa kan jedhaman waa 7 fi haadha 5 tu jiru.

ABBAA TORBANUU

1. Abbaa foonii isa nu dhalche. *Far 103÷÷13*
2. Abbaa kiristinaa. *Luq 3÷25-28*
3. Abbaa Qalbii jijjiirranmaa. *Mat 8÷4, Isq3÷16-21, Isq33÷1-9, Mat18÷18, Yoh 20÷23.*
4. Abbaa Qalamaa/ Kan nama barsiisu. *2Xim3÷12-17*
5. Abbaa Hafuuraa *H.Er.13÷1-3, 16÷1-6*
6. Abbaa Buddeenaa. *S.uum 11÷26-32, 13:1-10*
7. Abbaa isa Waaqarraa. *Milk 1÷6, 2÷10, Isay 9÷6, Efe. 4÷6*

HAADHAWWAN SHANANUU

1. Haadha foonii ishee nu deesse. *Fakk 30÷17*
2. Haadha buddeenaa. *Ba'u 2÷1-10*
3. Haadha Kiristinnaa. *Luq 2÷25-28*
4. Mana qulqulluummaa. *1Yoh 1÷1-6*
5. Haadha afuuraa kan taate Giiftii keenya *Maariyaamii Yoh 19÷25-2*

Isaan kun hundumtuu akka haadhaa fi abbaa keenyaatti kabajuun barbaachisaadha.

ICCIITHI ISA GUDDAA

Abbaa fi Haadha ofii kabajuu dhiisuun adabbiin isaa cimaadha.

Kakuu moofaa keessatti kan abbaa fi haadha isaa hin kabajne, abbaa fi haadha isaa abaaru, kan rukutu haa du'u jedhamee barreeffamee jira. *S.ba'u 21÷15, Lew 20÷9*. Ogeessichi Solomoon *Fakk.20÷20* irratti namni abbaa isaa fi haadha isaa arrabsu bara jireenya isaa akka ibsaa dukkana keessatti dhaamtee ta'a. *Fakk.30÷11* irratti immoo abbaa fi haadha isaa kan tuffatu allaattiin gammoojjii ija isaa keessaa haa baasu jedhee jira. *S.uum 9÷20* irratti Kan abbaasaa kabajuu dhiisuu dhaan abaaramee eebba dhabe ibsa. Eega walumaa gala Lubootni Waaqayyoo bara abbaa keenya Musee Tulluu *Gabaa'al* irra dhaabbatanii abbaa isaa fi haadha isaa kan salphisu abaaramaa haa ta'u yemmuu jedhan uummatni immoo ameen jechuudhaan dubbicha fudhataniiru. *K.deb 27÷16*. kanaafuu gaddi abbaa fi haadhaa waan nama balleessuuf namni hundumtuu beekke akkaataa armaan oliitti ka'ameen abbaa fi haadha isaa kabajuu qaba. Yoos barri isaa ni dheerata. Biyya lafaa irrattis waan gaarii ni argata. Kan abbaa fi haati eebbisanii jaallatan Waaqayyoos ni eebbisa ni jaallatas waan ta'eef. *Uum 37÷3*. Yooseef haadha isaa fi abbaan isaa guddaa kan jaallatu Waaqayyoo isa jaallate jechuudha. Gubbeen manaadhaa abbaadha. Gubbeen mana Kiristiyaanaa immoo Gooftaa keenya Iyyesuus Kiristoosiin akka ta'e kanaafuu abbootiinis beekanii ijjoolee isaanii arrabsuu fi itti gadduu fuuldura gorsuu, kadhachuufiin ni barbaachisa. Waan ajajan hundumaa immoo kara abboommii Gooftaa ta'uu qaba. *Efe 6÷1*

Akka abdii hin kutanneef yeroo hundumaa dheekkamsaan hammeessuun gaarii miti. *Qol. 3+21*. Egaa walumaa galatti abbaa fi haadha ofii kabajuun umurii dheeraa eebbaan guutame waan namaaf kennuuf galgala(dhuma) namaas waan miidhegsuuf beeknee seera kana eeguu qabna. Akka eegnuufis Waaqayyo nu haa gargaaru ameen.

5. HIN AJJEESIN

Mucaan namaa kan mataa isaa waan hin taaneef raawwii isaa fi xumura isaa kan beeku Waaqayyo uumaa qofa. Mucaan namaa foonii fi lubbuu isaas uumuudhaaf aboon akka hin laatanneef ofii isaas ta'e nama kan biraas ajjeesuudhaaf gonkumaa hin danda'amu. Namni gocha kana raawwatu hojii Waaqayyoo keessa waan lixeef cubbuu uffata godhachuusaa ti. Uumuu fi Ajjeesuun hojii Waaqayyoo qofa akka ta'e kitaaba Qulqulluu keessatti barreeffamee jira. Harmeen *Saamu'eel Haannaan 1Sam 2+6* irratti Waaqayyoo ni ajjeesa ni Fayyisas jechuun ishee kana dhugoomsa. Namni nama ajjeesuun waan dhorkameef biyya lafaa kana irratti namni yoo tuffatame deebi'ee ni kabajama. Qabeenyi isaa yoo sarbame deebi'ee beenyaan isaa ni kaffalamaaf / kennamaaf. Namni tokko garuu yoo ajjeefame deebisuun hin danda'amu. Beenyaan isaaf laatamu hin jiru. Kanaaf Waaqayyo hin ajjeesin jedha. Adabbiin nama, nama ajjeesuu sadarkaa qaba. Nama qalbii hin jijjiiratin ajjeesuun namicha sana akka si'a lama ajjeeseetti lakkaa'ama. Jechuunis foonii fi lubbuudhaan akka ajjeese jechuudha. *Mul. Yoh 21+8*. Kanaaf adabbiin nama akkasiidhaa guddaadha. Kun abbaa seera biyya lafaa birattis ta'e Waaqa birattis ta'e ni gaafatama. Nama Ogeessa ykn beekaa, tajaajiltoota mana Kiristaanaa ajjeesuun, namoota akka biyya lafaatti beekumsa saaniitiif oogummaa

ICCIITHI ISA GUDDAA

saaniitiin namoota baay'ee barsiisan ajjeesuun uummata baay'ee sana ajjeesuu jedhama. Akkasumas waldaa Kiristiyaanaa keessatti namoota dubbii dhugaa Waaqayyoo nama barsiisan jallina irraatii garau qajeelinaatti kan nama geessan ajjeesuun uummata baay'ee sana akka ajjeesuutti lakkaa'ama. Dhiiga Qulqulluu dhangalaasuunis yakki isaa cimaa akka ta'e wangeela keessatti caqafamee jira. Qaa'el Abeeliin yemmuu ajjeese dhiigni isaa lafaa gara Waaqayyootti akka ol-iyyite Waaqayyoos Qaa'eliin akka abaare. *S.uum 4÷9.*

Mat 23÷35-37 irrattis Gooftaan Iyyesuus Kiristoos yaa Iyyeruusaalem ati raajotaa fi quluqlloota dhagaadhaan rukuttee kan ajjeestu siif wayyoo! Dhiigni nama tolaa kan Abeel dhangala'ee jalqabee hanga dhiiga Zakkaariyaas Ilma Barakaayyu mana qulqullummaa iddoo aarsaatti dhangalaastanii gumaan isaa mataa keessanirra jira akka jedhe. Namni ajjeesuudhaan harka dhiigaatiin Waaqayyoon tajaajiluun hin danda'amu. *ISen. Bar 22÷8.* Nama, nama ajjeesurratti akka namummaa namaatti deebisaanii ijaa ba'uun hin danda'amu. Cubbuutti galuu jedhama. Kitaaba Qulqulluu keessatti ijaa baasuun kan kooti jedha Waaqayyo. Kanaaf Waaqayyoof dhiisuu wayya. *Lew 19÷÷18, K.deb 32÷35, Rom 12÷19, Ibr 10÷30.*

NAMNI YEROO NAMA AJJEESU AKKAMIIN AJJEESA?

SOME ONE KILLED SOME ONE WHEN WE SAY HOW TO DO?

1. YAADAAN AJJEESUU

Cubbuun kan inni raawwatamu yaaduudhaan, dubbachuudhaafi gochuudhaan akka raawwatamu ni beekna. Waa'ee kanaa ilaalchisee *Mat 5÷27* gara dubartii ilaalee kan yaade ejjeera akkuma jedhame. Namni tokko nama kan biraa irratti yaada garaa isaatiin yaadee ajjeesuuf sababa haalli hin mijanneef yoo hafe iyyuu

yaaduusaatiin ajjeeseera waan ta'eef akka ajjeesetti lakkaa'ama.

2. DUBBBANNAADHAAN

Gooftaan Iyyesuus Kiristoos dubbannaa keetiin siif murtaa'a, sittis murtaa'a jedhe jira. *Ya'i 3÷1*. Guyyaa isa dhumaattis namni waan dubbateef sababa isaa wajjin deebii kennuu dhaaf jira. *Mat 12÷35-37*. Kanaaf namni afaan saatiin sin ajjeesa jedhee yoo itti kakate, yoo sodaachise har'a hin bultu yoo jedhe sababii haalli mijaa'uufii dhiiseen immoo yoo hin ajjeesin hafe akka ajjeesetti lakkaa'ama. Kanaaf egaa cubbuun nama ajjeesuu yaadaan ulfa'amee dubbachuun immoo dhalatee gochaan ammo waan raawwatamuuf ajjeechaan cubbuu ulfaataadha. Eegaa cubbuu kana kan godhan ijoollee diyaabiloosii ti.

3. QAAMA AJJEESUU

Qaama ajjeesuu jechuun qaama isa argamu kana meeshaalee adda addaa fi summii adda addaatiin akkasumas karaa kan biraa bishaan keessa buusuun ajjeesuu jechuudha. Karaa kan biro immoo nama tokko irratti ka'uudhaan haala mijeessanii nama kan biroo harkatti akka du'u gochuun qaama ajjeesuu jedhama. Ulfa garaa keessaa baasuun ajjeesuu jedhama. Karaa kan biraas haala nama suukkanneessuun dubbii hin taanee dubbachuudhaan sammuu namaa madeessuun hojjetaa sababa quubsaa malee hojii irraa ari'uun, qabeenyaa namaa sarbuun, murtii jal'isuudhaan akkasumas dhukkubaa beelaan nama rakkachaa jiru gargaarsa gochuu dhiisuufiin qaama ajjeesuu jeddhama.

ICCIITHI ISA GUDDAA

Lew 19+13, Ya'iq 5+4. Keessumatti rakkataa gargaaruu dhiisuu ilaalchisee *Fakk. 21+14* irratti Iyyeessi yemmuu inni rakkatee iyyu namni gurra isa qabatu, Inni immoo yemmuu inni rakkatee iyyu Waaqni isaaf hin dhaga'uu jedha. *Ya'i 4+17* irratti waan gaarii tokko gaarii ta'uu isaa beekke kan hin goone cubbuu itti ta'aa jedha. *Luq 16+19-34* irratti *Alaazaar* balbala isaatti kufee kan jiru namtichi Naawwee jedhamu galagalee waan hin ilaalleef itti murtaa'e. kanaaf namni kamiyyuu har'a kan rakkatee jiru gargaaruu dhiisuun, du'a keessaa baasu dhiisuun ajjeesuutti waan lakka'amuuf hubatee gargaarsa gochuufii qaba. Eega walumaa gala nama tokko ajjeesuu jechuun rasaasaan, eeboodhaan, uuleedhaa fi k.k.f beekuun barbaacisaadha.

4. LUBBUU AJJEESUU

lubbuun ni duute yemmuu jedhamu Waaqayyyorraa yemmuu addaan baatuudha. Namni tokko lubbuu Waaqayyotti amantee jiraattu Waaqayyo irraa addaan baasuun gara mana waaqa tolfamaatti, gara amantaa shakkitootaatti geessuun nama sana ajjeesuu jedhama. Akkasumas nama hojii gaarii qabu, nama galgalaa fi ganama hojjetatu, nama amala gaarii qabu hojii isaa irraa kaachisanii gara dhugaatiitti, ejjaatti, sirbatti walumaa gala gara hojii waa'ee hin baafnetti geessuun nama kana ajjeesuu jedhama. Sababni isaas hojii akkasii kana kan hojjetan mootummaa Waaqayyootti hin galan jedhamaa barreeffamee waan jiruuf. *IQor. 6+9-11, Efe. 5+5-7.*

Abbootiin ijoollee isaanii sirriitti eeganii hin gorsan yoo ta'e lubbuu akka ajjeesanitti lakka'ama. Namni

ICCIITH ISA GUDDAA

hojiidhaan yoo bade lubbuudhaan du'aa waan ta'eef *ISam. 2÷29* irratti lubichi *Eeliin* ijoolleessaa gorsuu waan dideef du'eera. *ISam 3÷11, 4÷12, Isqel 3÷16-19* irratti nama cubbamaa tokko cubbuu isaa yoo itti himate cubbuu isaaf hin gaafatamtu yoo itti himuudhaa baatte garuu situ du'a jedhee Waaqayyoo lubicha Isqeelitti akka dubbate. *K.deb. 6÷6-7* irratti abboommota koo kana ijoollee kee barsiisi jedhamee akka jiru. Walumaa gala lubbuu ajjeesuu jechuun faayidaa xiqqoodhaaf jedhanii nama tokko amantii sirrii ta'erraa dogoggorsaii, karaa gaarii ta'erraa kaachisuun gara cubbuutti geessuun nama sana ajjeesuu jedhama. Abbichaafis wayyoo *Mat.18÷7*. Kanaafiyyuu of eeggachuun barbaachisaa dha.

5. MATAA OFII AJJEESUU

Namni mataa isaa sababa baay'ee irraan kan ka'e ofii isaa ajjeesa.

Isaanis:-

1. Rakkinni fi gidiraan biyya lafaa kun yemmuu itti baay'atu of ajjeesuun fala itti fakkaatee ofiisaa ajjeesa. Haa ta'u iyyuu malee, hojii Waaqayyoo keessa waan lixeef mana Waaqayyoo ijaare waan diigeef yakki isaa guddaa dha. Mana Waaqayyoo diiguu mitii godoo nama biyya lafaa tokko namni diige ni adabama akka ta'e. Namni immoo mana qulqullummaa Waaqayyoo waan ta'eef ofiisaa ajjeesuu hin danda'u. *1Qor.3÷16*. Kanaafuu yeroo rakkinaa, yeroo gidiraa, yeroo dhukkubni namatti baay'atu akka Iyyoob obsuudhaan Waaqayyoon kadhachuudha malee of ajjeesuun fala hin ta'u.

ICCIITII ISA GUDDAA

2. Waaqayyoon dhiisanii biyya lafaa fi hawwa ishee jaallachuu dhaan namni ofii isaa ni ajjeesa.
3. Jaalala fooniidhaan qabamee hiriyyaasaatiin booji'amee amantii dhugaarraa galagaluun Waaqayyoon dhiisuudhaan namni ofiisaa ajjeesa. *MA Firdii 16÷4, 1Qor. 15÷33, Room. 6÷32, 8÷6.* Namni jaalalaan qabamee ykn hiriyyaadhaan goyyoomee ofiisaa ajjeese jechuun bifa baay'ee dhaan. Inni dhiiraa ishee durbaa jaallachuudhaan akkasumas hiriyyaan bakka oolmaa isaaniitti jaalala waliif qabaniif jecha jaalala Waaqayyoo irraanfatanii faarfannaa dhiisanii gara sirbaatti, mana Waaqayyoo dhiisanii gara biyya lafaatti ykn gara shakkitootaatti deemuu dhaan warra of ajjeesan jechuudha. Kanaaf iyyuu namni ogeessa ta'e lubbuusaas ta'e kan namaa akka hin ajjeesneef of eeggannaa guddaa gochuu tu irra jiraata. Namni Utuu hin beekin gocha kana raawwatan yoo jiraatan qalbii isaanii jijjiirrattanii gaabbii galuudhaan gara Waaqayyoo dhiyaachuu qabu. utuu qalbii hin jijjiirraatiin garuu yoo kadhatan illee kadhannaan isaanii deebii hin qabu. *Isay.59÷2-8, Ya'iq 4÷8.* Egaa walumaa gala lubbuu kan ajjeesu Diyaabiloos waan ta'eef nuti immoo ijoollee Diyaabiloos taanee hojii isaa baballisuu hin qabnu. *Yoh. 8÷48, Ya'iq.4÷3-4.*

6. HIN EJJIN

Jechi hin ejjin jechu hiika gurguddaa lama qaba. Haadha manaa mataa ofii dhiisanii kan biroo wajjin ciisuu *Mat.7÷2.* Waaqa jiraataa, Waaqa Isiraa'el dhiisanii Waaqa kan biraa waaqessuunis ejjuu jedhama. *Erm. 3÷8-9.*

ICCIITHI ISA GUDDAA

NAMNI TOKKO HIN EJJE KAN JEDHAMU YOO MAAL MAAL GODHIEDHA?

1. Yoo ilaalee hawwe *Mat 5+28*
2. Tokkoo ol yoo fuudhe. *Mat7+2*
3. Seera gaa'elaa ala wal-quunnamtii saalaa yoo geggeesse. *Far.24+35*
4. Akkaakayyuu torbaa gadditti yoo fuudhee argame. *Lew 18+6*
5. Firooma Cuuphaa cabsuudhaan. *Lug. 16+18*
6. Sababa ejjaan kan gad-dhiifamte yoo fuudhee. *Mat.19+6*. Akkasumas hiika lammaffaa keessatti hiikuuf akka yaalame Waaqa jiraataa waaqessuu dhiisanii, Waaqa tolfamaa waaqessuun, qarshii fi dubartii waaqessuun jaalala isheen qabamee yoo Waaqayyoon dhiise, seera isaas-yoo cabse ni ejje jedhama *Mat. 12+39, A.fir. 2+17*. Karaa kamiyyuu ejja raawwachuun cubbuu guddaadha. Sababni isaa cubbuu kan biraan qaama keenyaa alatti raawwatama. Ejja garuu qaama keenya irratti waan raawwatamuuf *IQor.6+18*. Namummaan keenya kun mana qulqullummaa Waaqayyoo waan ta'eef Waaqayyoos gatii guddaa kan ta'e qulqulluu dhiiga isaan nu bite waan ta'eef.

NAMNI EJJA RAAWWATU ADABBIIN ISAA LAFA IRRATTIS TA'E WAAQA IRRATTI DHA'ICHA GUDDAATU ISA EEGATA.

Kitaaba Qulqulluu keessatti ejja raawwachuun balaa guddaa kan namaatti fidu ta'uu isaa barreeffamee jira. Dhaga'uu didanii namoonni balaa kanaan du'an hedduudha. Fakkeenyaaf:-

1. Umuriin mucaa namaa 969 irraa gara 120 kan dhufe sababii ejjaaf. *Uum.6+1*

ICCIITII ISA GUDDAA

2. Namoonni biyya Sadoonii fi Gamoraa abiddi isaan irratti akka bokkaatti roobee kan isaan fixe sababa ejjaatiif. *Uum. 19÷1.*
3. Haati manaa Looxii Ashaboon liqeeffadhaa jettee namoonni Sadoom waan ishee wajjin jiraataniif akka isaan Ergamoota Waaqayyootti ejjaniif waan waamteef dhagaa Soogiddaa kan taateefis kanaaf. *Uum. 19÷26.*
4. Isiraa'eloonni warri foonii gorsa Baalaam, Baalaaqiin gorseef qabamanii Kumni digdamii Shan (25000) karaatti kan dhumaniif sababa ejjaaf. *S.Lakk. 25÷1, Mul'ata Yoh. 2÷24.*
5. Dhumaatii ijoollee Eelii fi Booji'amuu Taabota *Tsiyooniif* sababa kan ta'e ejja. *1Sam. 2÷22*
6. Ayyaana Waaqayyo isaaf kenneen Leenca kan ajjeese Saamson iji isaa lachuu mutaan keessaa baafame. Ayyaanni Waaqayyoo irraa godaane rakkoo guddaan rakkatee akka du'uuf sababa kan ta'e ejja. *A.Fird 16÷1*
7. Mootichi Daawwit mucaa inni jaallatu kan inni dhukkubsatee jalaa du'eef ofiisaatiifis karaa raajicha Naataan kan tuffatamee akka du'uuf kan itti murtaa'e sababa ejjaatiif. *2Sam. 11÷1, 12÷1.*
8. Gosoota Isiraa'el bakka lamatti kan gargar cabse Samaariyaa fi Yihudaa sababa Solomoon mootichi ejja raawwateef. *1Mot. 10÷1*
9. Ilmi Eemoor Seekem sababa ejja raawwateef karaa ijoollee *Yaa'iqoob Simooni* fi *Leewwi* mormi isaanii irraa ciccirame. *Uum. 34÷1*

ICCIITHI ISA GUDDAA

10. Gorsa *Yoonaadaabiin Aminoon* obboleettii isaa irratti ejjaan akka malees ajjeefameera. *2Sam. 13÷1*
11. Obboleessi Tiimaar Abeseloom sababa kanaan kan ka'e shiftoomee bosonatti galee haadha manaa Abbaa isaa irratti ejje. Kanaan kan ka'e akka malees du'e. *2Sam. 18÷1*
12. Ejji jireenya namaa xureessa. *Mar. 7÷20-23*
13. Ejji dhukkuba qoricha hin qabneef nama saaxila. *K.ded 28÷50*. Kakuu moofaa keessatti lamtsii tu ture.
14. Ejji gammachuu biyya lafarraa kan yeroo muraasaa ti. Haa ta'uyyuu malee gammachuu biyya lafatti maxxanuun fayyaatti du'aadha. *1Xim. 5÷6*
15. Namni ejja raawwatu mootummaa Waaqayyootti hin galu carraaan isa eeggatu abidda baraabaraa keessatti baraa baraan gubachuudha. *1Qor. 6÷9, Efe. 5÷5, Gal. 21÷8*

EJJAAF WANTOOTA NAMA KAKAASAN

1. Dhugaatii nama macheessu. *Uum. 19÷32*
2. Qoosaa hin taane. *Efe. 5÷2-3*
3. Hiriyyaa gadhee *2Saam. 13÷1, 1Qor. 15÷33*
4. Dubartii gaalamootaa dha *Fakk. 5÷1-10*
5. Faayaa/miidhagina baalagumaa jalqabaaf seexanni Gaardi'el jedhamu. ijoollee Qaa'eliin barsiise sanaan kuulamuu. *Fakk. 7÷10-17, Uum. 35÷4, Isay. 3÷18-26, Henk 2÷19*
6. Maxxansaa fi fiilmii waa'ee ejjaa calaqqisiisu ilaalu. Walumaa galatti kanaa fi kkf ejjaaf waan nama kakaasaniif irraa of-eeguun barbaachisaadha. Namni kanaan qabamee gara dubartii ejjaatti deemu akka sangaa qalamuuf qeeraa dhaquutti deemuuti. Nama hubannaa hin qabne jedhama. *Fakk. 6÷32*

ICCIITHI ISA GUDDAA
NAMOOTA EJJARRAA OF-EEGATAN KITAABA
QULQULLU KEESSATTI

Abbootii fi haadhotii keenyaa baay'een dubbii Waaqayyoon qabamanii ejjarraa fagaataniiru. Qulqulluu *Phaawulos 2Xim.2÷22* irratti hawwii dargagummaa isa nama xureessu irraa fagaadhu akka jedhe. Warri hubannoo qaban irraa fagaataniiru.

Isaanis:-

1. Yooseef ilma yaa'iqob. *Uum.39÷1*
2. Soosinaa *M.Soosinaa 1÷1*
3. Yoodit qulqulleettii *M.Yodit 1.*
4. Arseemaa
5. Gabre Kiristoos
6. Qulqulleettii Iilleenii
7. Harmee Q/Takla Haayimaanot
8. Afoomiyaa. Kanaaf warra kkf fakkeenya fudhachuudhaan ejjarraa fagaachuun ni barbaachisa. Isaan kun gammachuu ishee yeroo muraasaa tuffatanii gammachuu bara baraa argataniiru.

7. HIN HATIN

Hatuu jechuun kan abbaan tokko'itti dadhabee hojjete heyyama isaa malee dhoksanii itti fayyadamuu jechuudha.

Hanni Gosa Baay'ee Qaba.

1. Namoota waan nyaatanii bulan hin qabne harkaa haraaxaa kennanii fudhachuu. S.ba'u 22÷25-26, Lew. 25÷26, Luq.11÷1

ICCHITHI ISA GUDDAA

2. Namoota abdii hin qabne harkaa akka malee fudhachuu. *Mat.23÷14*
3. Qabeenya mana Kiristiyaanaa saamuu. *Dan 1:-5.*
4. Kurnoo baasuu dhiisuu. *Milk. 3÷7*
5. Guyyaa Waaqayyoo hatuu jechuunis guyyaa ayyaanaa fi sanbataa waaqessuu dhiisanii hojii foonii hojjechuu dha.
6. Meeshaalee wajjiraaf bitame faayidaa dhuunfaaf oolfachuu.
7. Meeshaa ergifatani deebisuu dhiisuu
8. Horii dhukkubsataa, meeshaalee caccabaa fayyaa fakkeessanii gurgurachuu
9. Nama maasii ofii keessatti qacarani miindaa isaa dhowwachuu. *Ya'iq.1÷4*
10. Gubboo laachuu fi fudhachuu.
11. Sa'atii hojii, barumsaa, wal-ga'ii, beellamaa irratti kabajani argamuu dhiisuu.
12. Meeshaa, qarshi, Imaanaadhaan nama bira kaawwame ganuu. *Lew. 6÷2-4*
13. Hattuu wajjin dhinbanta ta'uu. *Fakk. 29÷24*
14. Beekumsa namaa hatuu fkn jeedaloo, walaloo fi faarsaa namni tokko baafate heyyama malee jalaa fudhachuu.

ICCIITII ISA GUDDAA

15. Hicciitii namaa hatuu jechuun xalayyaa namaa bananii dubbisuu, nama icciitii haasa'aa jiru dhokatanii dhaggeeffachuu fi dabarsanii immoo haasa'uu.

16. Lubbuu namaa hatuu. Akkas jechuun Amantii dhugaa irraa gara amantii shakkitootaatti, waan qajeelaa irraa gara waan jallaatti deebisuu fi k.k.f niiddha. *Yoh 10+8, H.Er. 5+36-37, 2Yoh1+10*

SABABOOTA HANNAAF NAMA KAKAASAN

Sababootni hannaaf nama kakaasan hedduudha.

Isaanis:-

Hawwii foonii isa xuraawaa, sassata, jaalala horii, mataa ofii jaallachuu, jibbiinsaa fi gara- jabina, karaa qaxxaamuraa ba'anii sooromuu fedhuu. Akkasumas dhibaa'ummaa irraan kan ka'e rakkinatti kufuu fi k.k.f irraan kan ka'e namni hata; waa'ee isa kanaa kitaabni Qulqulluun namni hatu dachaadhaan haa baasuuf jedha. Keessumatti dargaggootni immoo isaan hannaaf kaka'an sababa guddaan araada adda addaatti qabamuu fi ituu hin hojjetin bashannana barbaadu. Hojii immoo tuffachuudhaan hannatti seenu.

HATTUU LAFARRATTIS TA'E WAAQARRATTI ADABA GUDDAATU ISHEE EEGGATA.

Akkaan hatuu isaa irraan kan ka'e dhagaadhaan rukutamee du'e. duuka bu'aan *Eelsaayi, Gi'aaz* namni jedhamu dhukkuba qoricha hin qabne lamtsiidhaan rukutamee du'e. *2Mot.5+22*. Bartuu Gooftaa keessaa Yihudaan hattuu waan tureef akka hin taane ta'ee

ICCIITHI ISA GUDDAA

du'e. *Yoh .22+5-7, Mat.27+5*. Namni waancaa mootii hatee harkatti argame haa du'u jedhan ijoolleen yaa'iqoob. *Uum.44+8. Anaaniyaa fi Saphiiraan* qarshii waadaa seenan hatanii waan hambifataniif dhayichaan rukutamanii du'an. *H.Er.5+1. Eegaa* walumaa gala lilmoo saantima shanii kan hate fi meeshaa qarshi 10 kan hate hanni hannuma waan ta'eef ni adabama. Namni yoo hate walitti guurrate waan sooromu itti fakkaata. Garuu horiin akka malee dhufu akka malee dhuma. Dhumuu isaa irra iyyuu abbicha ni galaafata. *Fakk. 21+6. Ogeessichi Solomoon lallaba 1+7-10* irratti lolaan lola'ee lagatti ni dabalama garuu diidaa /gamaa gamana/ guutee hin taa'u akkuma jedhe hatanii sooromanii jiraachuun hin danda'amu. Galgala (dhuma) namaa balleessa waan ta'eef. Ofii, ofiin dafqanii ajaja Waaqayyo kenne ni ga'a jechuu barruun jiraachuu wayya. *IXim.6+6*. Kanaafuu laphee keenya keessaa biqiltuu hanna buqqifnee baasuu wayya. utuu hin beekin isa hannee fi qalbii jijjiirrannee akka *Zakkiyoos* dachaadhaan kaffallee gara Waaqayyoo abbaatti deebi'uu nuuf wayya. *S.ba'u 22+1-2, Lew.6+4, Fakk.6+30-31, Luq.19+8*

SEENAA HATTUU FI KITAABA QULQULLUU

Namichatu mana namaa hanna dhaqe namichi abbaan manaa yeroo hattichi ol galu kitaaba qulqulluu keessa kinnii kaa'ee kitaaba Qulqulluu kana saaxinii keessa kaa'ee deeme. Hattichis suuta jedhee mana seenee saanduqa bane ilaalee kinnii harkisee gaafa kitaaba qulqulluu fuudhee dubbisu "hin hatin" jecha ittiin jedhu arge. Achumaan

ICCHITII ISA GUDDAA

deebisee siluma iyyuu akka namni sin hin hanne beekaaf si dhiisee sokkee? jedhee dhiisee sokke jedhama. Hattuun mootummaa Waaqayyoo hiin dhaaltu. Mootummaa Waaqayyoo dhaaluu mitii biyya lafaarratti balaa guddaatu ishee eeggata. Balaa dhayicha Waaqayyoon kan du'an hammana hin qaban. Fkn *Iyyaasuu 7÷10-20* irratti *Akkaan* namni jedhamu dhagaadhaan rukutamee du'eera. *2Mot 5÷22-27* irratti duuka bu'aan Elsaayi dhukkuba qoricha hin qabneen / Lamtsiidhaan/ rukutamee du'eera. *H.Er.5÷1* irratti *Anaaniyaa fi Saphiiraan* Waaqayyoof kan waadaa seenan waan hataniif du'aniiru. *Yoh 12÷5-7* irratti Yihudaan hattuu waan tureef rukutamee du'eera. Kanneen kana fakkaatan baay'een kan du'an ni jiru. Kanaafuu namni hundumtuu beekke hubatee Abboommii Waaqayyoo hin hatin jedhu kana eeguu qaba. Kana akka goonuuf Waaqayyo nuu haa gargaaru.

8. SOBAAN DHUGAA HIN BA'IN

Soba jalqabaaf kan uume ykn kan dhale Diyaabiloosii dha. Bakki inni soba kana uumes samii irraatti magaala Ergamootaatti. Sobni isaas "anatu isiin uume ana uumaan keessan" kan jedhu dha. Kunis of- tuulumaa agrsiisa. Waa'ee isaa kana /waa'ee soba/ isaa Gooftaan keenya Iyyesuus kiristoos yeroo lafaarra deemee barsiisa ture abbaa sobaa jedhee ibseera. *Yoh 8 ÷44*. Kanaaf biyya lafaartti namoota soba kan barsiise Diiyaabiloosiidha. Sagaleen Waaqayyo sobni kan Diyaabiloos waan ta'eef hin sobinaa ijoollee dhugaa

ICCIITII ISA GUDDAA

waan taataniif dhugaa dubbadha jedhee iddoo baay'eetti barrefamee jira.

1. *Lew.19 ÷11* sobuun Waaqa fuuldurratti jibbamaa waan ta'eef walii keessanitti soba hin dubbatina.
2. *Fakk 12÷22* irratti arabni sobduun Waaqa fuldurratti jibbamtuu dha tuufatamtuu dha.
3. *Efee 4÷28* soba of keessaa baleessaati hiriyyaa keessaniitti dhugaa dubadhaa.

Namni maaliif soba?

1. Maal naan jedhudhaan
2. Qomoo lakkaa'achuudhaan
3. Faayidaa barbaachaaf *Mat 28÷1*
4. Hinaaffaadhaaf
5. Galata akkasuumaanii barabaachaaf.
6. Amaleefachuu fi k.k fakktanii dhaa fi
7. Nama dogoggorsuudhaaf, *Isqeel 13÷17, 2Qor 11÷13, Mat 7÷15*

Biyya lafaa nuti keessa jiraanu kun dhugaadhaaf sobni wal- makatee kana keessa guute waan ta'eef namni hunduumtuu waan dhaga'e tokko dhugaadhumatti amanuu dhiisee duran dursee dhugaa ta'uusaa qorachuun barbaachisaadha. Macaafa seera keessatti wanti hundumtuu ragaadhaan haaqulqulaa'u ragaan kunis nama sadii (3) ta'uu qaba kan jedhameef kanaaf *Mat 18÷6, K. Deb*

ICCIITH ISA GUDDAA

17÷6, 2Qor 13÷1. Kanaaf waan tokko utuu ragaadhaan hin mirkaneeffatin dhugaa ta'uusaa utuu hin hubatin nama jibbuun, nama himachuun, maqaa namaa hadheessuun k.k. fakkaatan raawwachuun yakkatti nama geessa waan ta'eef qooda kanaa abbaa dhugaa isa ta'e Waaqayyoon kadhachuu dha. Waaqayyoos firdii isaa ni kenna waan ta'eef namni baay'een sobaan hadheeffamanii dhugaan isaanii kan mul'ate ni jiru.

1. Yooseef ilma Yaa'iq .Uum. 39÷1.
2. Soosinaa, M.Soosinaa1...
3. Seenaa *Awuur* . Dirsaana Gabri'eelii kan ji'a Waxabajjii irraa nama cimaa turanii bataskaana ijaaraa jiru. Seexaanni Monoksee fakkaatee dhaqee himatee. Eega walumaa gala Gooftaan keenya Iyyesuus Kiristoos *Mat. 5÷10* irratti sobaan yemmuu maqaa keessan balleessan gammadaa malee hin gaddinaa gatii guddaa mootummaa koo keessatti ni argattuu jedhee jira. Umriin sobaa gabaabduudha. Dhugaan garuu baraa baraan ni jiraata.*Fakk.22÷19*

NAMNI WAAN BAAY'EE IRRATTI SOBA DUBBATA

1. Abbaa fi haadha isaa irratti, obboleessaaf obboleetti irratti. *Yoh. 5÷1*
2. Waaqayyoo irratti fkn Matsagu'i, Dubaartii ishee ejjituu, Yihudaa.

ICCIITHI ISA GUDDAA

3. Qulqulloota irratti. Mootittii Elzaabel Naabutee irratti, *IMot. 20÷13*. Ayihudeonni qulqulluu Isxifaanos irratti, *H.Er. 6÷13*. Qulqulluu Phaawuloos irratti, *2Qor.6÷8*

4. Mana qulqullummaa irratti. Mana Waaqa tolfamaa jechuudhaan. Raajonni sobduun kan sobaan dubbatan fi k.k.f irratti oduu sobaa waan dabarsaniif oduu sobaa kanas kan dhaggeeffatu, dabarsees kan haasa'u adabni isaanii walqixaa. *Far.29÷12*. Sagaleen Waaqayyoo isa qulqulluun cubbamaa isa cubbamaan qulqulluu, isa miya'aan hadha'aa, isa hadha'aan immoo miya'aa, isa qajeelaan jal'aa, isa jallaan immoo qajeelaa warra jedhan irratti Waaqayyoo ni murteessa jedhee barreeffamee jira. *Fakk.17÷15, Isay. 5÷20*. Soba dubbachuudhaan namni foonii fi lubbuudhaan adaba guddaa ni argata.

1. Namni sobaan dhugaa ba'u mataasaa ni miidha. *K.deb.19÷16-20*.

2. Inni sobaan irratti dhugaa ba'ame yeroodhaaf akka fooniitti ni midhama. *Fakk. 28÷18*.

3. Inni sobaan dhugaa ba'ameef ykn murtaa'eef ni midhama. *IMot. 20÷22-25*. Eega asi irratti sobni kallattii hundumaan kan nama miidhu waan ta'eef namni hundumtuu hubatee midhaa kana jalaa ooluudhaaf dhugaa dubbachuu qaba. Kitaaba qulqulluu keessatti dhugaan keessan dhugaa haa ta'u, waahuun keessan waahuu haa ta'u jedhee barreeffamee jira. *Mat.5÷37, Far.33÷2-16.1Phex.3÷10* irratti bara gaarii namni arguu fedhu arraba isaa soba dubbachuuttii haa ittisuu jedhee jira. Eega walumaa

ICCIITHI ISA GUDDAA

galatti sobaan kan dhugaa ba'aniif soba kan dubbatan ijoollee Diyaabiloos waan ta'aniif mootummaa Waaqaatti hin galan. *Mul. Yoh.21+8*. Kanaafuu mul'ata sobaa warri haasa'an raajonni sobduun *Mat.24+14-26* akka isaan ka'an bara boodaatti Gooftaan kan dubbate waan ta'eef isaan irraa fagaannee dhugaa dubbii Waaqayyoos qabannee taa'uun baraachisaadha. Kanaa akka goonuuf Waaqayyo nu haa gargaaru.

9. HIN HAWWIN

Hawwii jechuun maal?

Hawwii jechuun mucaan namaa ijasaatiin kan arge, gurra saatiin kan dhaga'e, harkasaatiin kan qaqqabe, yaada lapheesaatiin kan barbaade, sammuu isaa keessatti kan barreeffame argachuuf kan fedhe hawwii jedhama. Hawwiin bakka Sadiitti qoodama.

Isaanis:-

1. Hawwii hojii afuuraa
2. Hawwii foonii
3. Hawwii hojii Seexanaa

1. Hawwii hojii afuuraa inni jedhamu ajaja dubbii Waaqayyoo irratti huundaa'uudhaan daandii abbootii amantii irra deemanii hojii isaan hojjechaa turan, qabsoon isaan qabsaa'aa turan mottumaan Waaqayyoo galudhaaf jecha kan isaan hojjechaa turan hojjechuuf daandii isaanii irra deemuuf, eebba isaan argatan argachuuf yaadanii hawwuun hawwii isa Afuura qulqulluu jedhama. *2Mot 2÷9 -10, Ibr 13÷17*

ICCHITILISA GUDDAA

2. Hawwii innii jedhamu immoo bakka lammatti goodama.

Isaanis:-

1. Hawwii foonii isa gaarii
2. Hawwii foonii isa hamaa/gadhee jedhaman dha.

Hawwii foonii inni gaarii jedhamu, biyya lafaa kana keessatti mataa ofii irraa kaasee biyya kan gargaaru hojjechuu yemmuu ta'u. Innis Dooktorii arganii ta'uuf hawwuu, barsiisaa garii ta'uuf hawwuu, nama xiyyaara balaliisu arganii ta'uuf hawwuu fi k.k.faan hojii foonii haa jedhamu malee hojjechuuf hawwuun hojii foonii isa gaarii jedhama.

Hojii foonii inni xuraawaa jedhamu immoo abbaa keenya Yaa'iqoob ergaa isaa boqonnaa 1÷13 irraatti kajeellaa foonii isa gadhee kan dubbate dha.

3. Kajjeeellaa hojii seexanaa inni jedhamu immoo faallaa waan gaarii kan ta'e afuuri xuraa'aan bifa dhokataan karaa hin beekamneen sammuu keenya keessa bulchee hawwii gadhee kan nu hawwisiisu dha. Kunis jalqaba Seexanni ofiisaatii Waaqa ta'uu akka hawwe hawwii kanaan immoo akka salphate deebisee Addaamii fi Hewaan Waaqa ta'uu hawwanii akka isaan Gannata keessaa ba'an, akka ayyaanni Waaqayyoo isaan irraa godaanu akka godhe jechuu dha. Har'as hawwiin kun qalbii mucaa namaa keessa taa'ee akka isaan hawwii hin taane kana hawwan mana Waaqayyoo keessaa ba'an godhee jira.

ICCIITII ISA GUDDAA

Hawwii seexanaa inni jedhamu kunis:-

- Ejja
- Hanna,
- Jibba,
- Ajjeecha,
- Dugaatii nama macheessu,
- Of- tuulumaa fi
- Amminummaa

walumaa gala hojii foonii isa gadhees ni jedhama *Gal. 5÷19 – 21*

Akkasumas *Efe.5÷3-18, IQor.6÷9-10*, Jachii hawwii jechu bu'uura cubbuu hundaa ti. Ejjuun kan jalqabamu hawwii fedha foonii irraan kan ka'eedha. Hatuun kan jalqabamu, sooromuu hawwuudhaa fi k.k.fakkaatan hundi bu'uurri isaa hawwii foonii isa gadhee irraa kan madduudha. Kanaaf qulqulluu *Phaawuloos 2Ximot.2÷22* irratti hawwii foonii isa hamaa kana yeroo dargaggummaa irraa baqadhu jedha. Hawwiin foonii inni hamaan waan hawwan sana amma xumuranniitti, eeboo nama waraana waraanees nama madeessu madeessee kan nama ajjeessu waan ta'eef falli isaa irraa baqachuu dha.

HAWWIIDHAAF WANTOOTTA NAMA KAKAASAN

Wantootni hawwaaf nama kakaasan waa baay'eedha. Akkuma armaan olitti caqasame inni guddaan karaa Seexanaati. Inni itti aanu immoo karaa kajeellaa foonii isa lammaffaadha.

Kajeellaa foonii isa Hamaa kan jedhaman

1. Naga'aa wallaalu . *IXimo.6÷6-10, Filph.4÷11*
2. Hojii tuffatanii callisanii taa'uu.

3. Utuu hin hojjetin akka abaluun ta'aa jechuu
4. Ija ofiin waan hamaa ilaaluu, gurra ofiin waan hamaa dhaga'uu

Hawwiin Xumura hin qabu.

Hawwiin mucaa namaa inni gaariis ta'e inni hamaan achi ga'een dhaabbadha kan jedhu yoo jiraate of goyyoomsuu ta'a. sababni isaa immoo lafa yaade sana yemmuu ga'u kan biraa itti fufa waan ta'eef. Abbootiin yemmuu dubbatan "namni bishaan dheebotee altakkaa dhugee hin dhiisu" akka jedhan. Waa'ee isa kanaa ogeessichi *Solomoon Lallaba 1+7* tti iji ilaalee hin quufu, gurri dhaggeffatee hin quufu akkasumas bokkaan samii gadi dhangala'ee gara lagaatti ni dabalama garuu galaanichi hin guutu akkasuma hawwiin mucaa namaa hin guutu, daangaa hin qabu jedhee jira. Egaa falli isaa keessumatti hawwii foonii isa gadhee abbootii keenya baay'ee miidhe irraa fagaachuu ni barbaachisa.

Keessumatti Abbaan keenya Addaam Waaqa ta'uu hawwe. Mootichi *Akka'aab /Ahaab/* lafa Naabuutee dabalachuu hawwee kana irraan kan ka'ees du'a garmalee du'e. *1Mot. 21+3*. Mootichi *Daawwit* haadha manaa *Oriyoon* hawwee kana irraan kan ka'es baay'ee dheekkamame. *2Sam.11 fi12*. Kanneen kana fakkaatan hawwii foonii isa hin guutamneef jedhanii baay'eee rukutamaniiru. Warra akkasii fakkeenya godhachuudhaan akka Yooseef ilma Yaahiyoob irraa baqachuu qabna. Yoos biyya lafaattis ta'e Waaqa irrattis nama guddaa taana.

Gosa hawwii:-

Hawwiin jireenya mucaa namaa keessatti kan dhaga' amuu waa baay'ee dhaan. Karaa kanaas namoonni baay'ee ittiin qabamanii miidhama waa lamaa miidhamaniiru.

1. Hawwwii nyaataa:-hawwii nyaataa jechuun kan Waaqayyo hin nyaatinaa jedhe nyaachuuf hawwuu fakkeenya yeroo lagu keessa kun immoo eebba Waaqayyoo nama dhowwata. *Uum.25÷22-34, Inba.12÷16, S.Lakk.11÷4-5*
2. Fedhii foonii keessaa kan maddan fuula hojii foonii kan ta'e; ejja, Xuraa'ummaa, Halalummaa, diinummaa, machii sirba. *Gal.5÷17-24, IYoh.2÷16.*
3. Qarshii argachuudhaaf hawwuu. *IXim. 6÷7, S.lakk.22÷1*
4. Faashinii biyya lafaa hawwuu. *Isaay.3÷16-25*
5. Akka malee taayitaa, ulfina, beekamtumma argachuuf hawwuu. *Isay. 14÷13-14.* Egaa hawwiin biyya lafaa gosa kanaa fi kan kana fakkaatan hundinuu gara badiisaatti kan nama geessaniidha. Hundumti isaaniis akkasumaan akka nama qilleensa qabuuf ari'uu ti. *Lallaba 1÷14.* Addunyaan kunis ta'e hawwiin ishees ni darba *IYoh. 2÷17.* Kanaaf Waaqayyoo jiraataan du'a namaa kan hin jaalanne wanta hundumaa hin hawwinaa jedhe. Hawwa foonii isa gadhee fi hawwa Seexanaan qabamnee akka hin badneef Waaqayyo nu haa gargaaru. **Ameen.**

ICCHITH ISA GUDDAA

10. HIRIYAA KEE AKKA MATAA (OFII) KEETTI JAALLADHU!

Gooftaan keenya Iyyesuus Kiristoos akka barsiisetti Abboommiin, Waaqayyo Gooftaa kee laphee kee guutuu jaalladhu. akkasumas hiriya kees akka mataa keetti jaalladhu jedha. *Mar.12÷29*. Akkaataa kanaan beektoonni mana Kiristiyaanaa keenya Abboommiin kurnanuu bakka gurguddaa lamatti qoodama jedhu.

Isaanis:-

1. Jaalala Waaqayyoon jaallachuu jechuun namaa fi Waaqayyoon gidduu
2. Jaalala namaa fi nama gidduu kakuu moofaa keessatti hiriya kee jaalladhu inni jedhu fira kee ykn kan si jaallatu jaalladhu jechuudha. *Kes. deb 6÷5*.

Akkaataa kakuu haaraatti hiika bal'aa qaba.

Innis:-

1. Guyyaa gaafa jimaataa dhiiga Gooftaa keenya Iyyesuus Kiristoos fannoo irratti dhangala'een qaama tokko kan ta'an hundumaa jallachuun hiriya ofii jaalachuu jechuu dha.
2. Bifa *Sillasee* fi fakkeenya *Sillaaseen* nama uumamee hundumaa jireenya nammummaa isaatiin jallachuun hiriya ofii jallachuu jedhama.

ICCIITII ISA GUDDAA

Kitaaba qulqulluu keessatti waa'ee hiriyaasaa ofii jaallachuu

1. *Fak.14÷21* irratti ogeesichi *Solomoon* namni hiriyaasaa jibbu hin miidhe jedha.
2. *Mat 19÷19* namni hiriyaasaa jaallatu mootumaa Waaqayyootti ni gala
3. *Luq 10 ÷25 - 37* tti namni hiriyaasaa jaallatu gaafa rakkinnaa ni gargaara
4. Namni hiriyaasaa jaallatu Waaqayyoon ni gammachiisa *IQor 10÷24, 13÷1, Yaahi 2÷ 8 - 9 Filiph 2 ÷2 - 4*
5. Namni hiriyaasaa hin jaallanne du'a keessa jiraata *IYoh 3 ÷14*
6. Namni hiriyaasaa hin jaallanne sobaadha. *IYoh 4 ÷20*
7. Namni hiriyaasaa yookin obboleessa isaa jibbu dukkana keessa jiraata. *IYoh 2÷9*
8. Namni hiriyaasaa jibbu yookin obboleessa isaa jibbu lubbuu kan ajjeesuu dha. *Iyoh 3÷15*
9. Obboleessa ykn hiriyaasaa kan arrabsu galmi isaa abidda Gahaannam, *Mat.5÷22, 7÷12*. Egaa walumaa gala abboommiin 10^{ffaa} kan inni barsiisu waa'ee jaalalaati.

Jalalli immo hundumaarra caala barabaraanis hin jijjiramu. *IQor 13÷13*

Jaalalli cubbuu namaa namarraa ni haqa *IPhex 4÷8*. Kanaaf abboommiin kurnaffaan inni jalqabaa Waaqayyoo uuma keenya garaa keenya guutuu, jireenya keenya guutuu akka jaallannu ta'e nama fakkaattii isaan uumamanis kan Waaqayyoo jaallate waan ta'eef sanyiidhaan, qomoodhaan, qabeenyaan utuu gargar hin qoodin akka mataa keenyaatti ilaallee jaallachuu qabna.

ICCHITHI ISA GUDDAA

Akka jireenya Afuuraatti gochuu kan qabnu

Namni kamiyyu kadhanadhaan yaadachuu ykn gargaaruu
2Phex 1+3

Fakkeenyummaa gaariidhaan gara nama Waaqayyootti fiduu
Mat 5+16, 1Phex 5+3

Gorsa afuuraan ijaaruu *Rom.12+8* kanneen kana fakkaatanii
abboommii 10^{ffaa} kana raawwachuun ni barbaachisa

Karaa jireenya Foonii:- nama kamiif rakkoo isa mudate
keessatti sanyii fi qomoon ituu gargar hin qoodiin jireenya
isaaf kan baarbaachisu gargaarsa qarshii, nyaate, uffata, iddoo
bulti akka inni argatu gochuun gargaaru.

Yeroo rakkoon tasaa isa qunnamu dafanii qaqabuu fi k.k.
fakkaatan gochuufiidhaan abboommii nama hundumaa akka
mataa keetiitti jaaladhu jedhu raawwaachuun ni barbaachisa.

Egaa walumaa gala abboommii kurnan ka'aman kana
hundasaa eegnee tokko keessaa yoo cabsine hunda isaa akka
cabsineetti lakka'ama *Yoh 2+10*

Sababni isaas dubbii jaalalaan jalqabamee dubbii jaalalaan
xumurameefii dha

Egaa abboommii isaa eegnee jireenya barabaraa
argachuudhaaf Waaqayyoo nu haa gargaaru. Ameen.

ICCHITHIISA GUDDAA
BOQONNAA SADIH (3)

JAA'AN DUBBII WAANGEELAA

Seerri mucaa namaaf laatame 3tu jira.

Isaanis :-

1. Seera laphee

Seerri kun barreeffamaan utuu hin ta'iin (hin kennamiin) akkasumaan namni laphee isaatti Waaqayyoon amanee waan gaarii hojjechaa kan ture dha. Kunis Addaamii kaasee hanga Museetti kan tureedha.

2. Seera kakuu moofaa

Seerri kun gaara Siinaa Waaqayyoo Musee waamee harkasaatiin Waaqayyoo dhagaa irratti abboommii kurnaan barreessee ijoolleensaa akka ittiin jiraataniif seera inni kennedha. Seerri kun barabaraan kanjiraatu ta'ee Museeratti hanga dhalachuu Gooftaa keenya Iyyeesuus Kiristoos kan turedha. *Ba'u 24÷12, 34÷1, K. deb 10÷1 - 5, Milk 4÷4.*

3. Seera Waangeelaa

Seera wangeela inni jedhamu kun seera haaraa osoo hin taane seera kakuu moofa Museetti kenname sana kan jabeessu, kan cimsuu dha. *Mat.5÷17-20.* Ani Kiristoos kanan gara biyya lafaa dhufeef seera museetti kenname fi barsiisa raajotaa diiguudhaaf hin dhufne jabeessuufan dhufe malee. Seera Museettii gar tokkee qubee baduurra samii fi lafti kan badu wayya. Namni tokko seerri Museetti kenname diigame, afeera jedhee kan barsiisu mootummaa koo keessaa iddoo hin qabu jedhee

ICCIITHI ISA GUDDAA

Gooftaan keenya barsiiseera. *Luq. 16÷29-39*. Namni seera Musee fi barreeffama Raajotaatti hin amanne namni du'a keessaa ka'ee yoo itti lallabe illee fayyuu hin danda'u jedhee caafamee jira. Seera Wangeelaa inni jedhamu kun abbootiin yemmuu hiikan "SEERA MIIDHAGAA AKKA WAAQAYYOO" jedhu. Sababni isaas seera duraan raajotatti dubbatamee ture sana immoo afaan isaatiin dhufee jabeessee waan barsiiseef.

SEERRI JA'AN KUNIS:-

1. Obboleessa kee irratti akkasumaan hin dheekkamin. *Mat.5÷2*
2. Gara dubartii ilaaltee hin hawwin. *Mat.5÷28*
3. Sababa ejjaa malee haadha manaa kee hin hiikin. *Mat.5÷32*
4. Raawwattee hin kakatin. *Mat.5÷33*
5. Hamaa, hamaan hin moo'in. *Mat.5÷38*
6. Diina kee jaalladhu. *Mat.5÷43-48*

ABBOOMMII JA'AN KANA GOOFTAAN AKKAATAA INNI ITTIIN JABEESSE.

1. Seera kakuu moofaa keessatti hin ajjeesin jedhee abboommii kaa'eera. Sana obboleessa kee ajjeesuu mitii akka malee iyyuu hin dheekkamin jedhee jabeesse. sababni isaas dheekkamsi akka malee gara lolaatti, gara wal-ajjeesuutti kan nama geessu waan ta'eef. Dheekkamsi akka malee ykn abaarsi (qoccolloon) ykn waa tokkotti banbanuun keessa namaa ni madeessa. Abaarsi kunis moofaa uffattuu, duudaa,

ICCIITILISA GUDDAA

qomoo fi sanyii dhaan nama tuffachuun akka seera biyya lafaattis kan nama adabsiisuudha. Akka dubbii Waaqayyootti immoo mootummaa Waaqayyoo kan nama dhabsiisuu dha.

2. Seera kakuu moofaa keessatti “Hin ejjin” isa jedhu sana yemmuu jabeessu yaaddee gara dubartii yoo ilaalte waan akka wajjin ejjiteeti jedhama. Sababni isaas iddoo fi haalatu mijaa’uufii dide malee ejjeera. kanaaf ejjuu mitii gara dubartii ilaaluun hawwuun cubbuu dha jedhee jabeesseera.
3. Seera kakuu moofaa keessatti Haadha manaasaa gaddhiisuu kan barbaadu barreeffama kan ittiin gaddhiisuu haa laatuuf jedhe. Seera wangeelaa keessatti yemmuu jabeessu sababa ejjaa malee haadha manaa kee gadi hin dhiisin. Yoo ejjituu taate barreeffamaan gaddhaa dhiisu. Ishee sababa ejjaan gaddhiifamte kan fuudhu immoo ni ejje jedhama jechuudhaan namni ejje akka iddoo hin qabne hubanna. Sababni isaas seerri gaa’elaa Waaqayyoo fuulduratti ulfina qabeessa. Namni abbaa isaa fi Haadha isaa ni dhiisa haadha manaasaatti ni maxxana jechuunis foon tokko ni ta’u jedhamee ka’amee waan jiruuf ejjuun seera kanaan waliin tokko waan hin taaneef gaddhaa dhiisu jedhe.
4. Kakuu moofaa keessatti sobaan hin kakatin kan jedhame sana seera wangeelaa keessatti immoo yemmuu jabeessu raawwattee iyyuu hin kakatin dhugaan kee dhugaa haa ta’u waawuun kee waawuu haa ta’u jedhee.
5. Seera kakuu moofaa keessatti iddoo ifaa iji, iddoo ilkaani ilkaanni haa kennamu kan jedhamee ture sana

ICCIITHI ISA GUDDAA

seera wangeelaa keessatti yemmuu jabeessu hamaa, hamaan hin deebisin gaarummaa deebisi malee. Maddii kee bitaa yoo si kabale isa mirgaa itti qabi. Kan si abaaru eebbisi jechuudhaan kan barsiise caalaa hojiidhaanis hojjetee fakkeenya nuuf ta'eera. Warra hadhooftuu isa obaasan, warra isa fannisan, warra si'a 6666 warra garafan yaa abbaa koo waan hin beekne gochuu isaaniiti dhiisiif jechuudhaan. *Rom.12÷12-17*. Qulqulluun Phaawuloos warra isin ari'atan eebbisaa malee hin abaarinaa. Nama hundumaa fuuldratti waan gaarii godhaa warra hamaa isinitti yaadaniif gaarii deebisaa. Haaloon ba'a hin jedhinaa. haaloo ba'uu Waaqayyoof dhiisaa jedhee jira.

6. Seera kakuu moofaa keessatti hiriya kee jaalladhu isa jedhu seera wangeelaa keessatti yemmuu jabeessu diina kee iyyuu jaalladhu jedhe. Ijoollee abbaa keessanii isa Waaqarra akka taatanitti diina keessan dheebuu baasaa Waaqayyo abbaan keessan inni waaqarra warra hamaa godhanii fi gaarii godhaniif wal-qixa bokkaa roobsaaf, aduu baasaaf akka ta'e nutis nama hundumaaaf jaalalaan waan gaarii gochuufii qabna. Yoo ta'uudhaa baate warra nu jaalatan jaallannee warra nu jibban yoo jibbine ormoota warra Waaqayyoon hin beekneraa adda addummaa maalii qabna. Nu'u mitiyyuu diinasaa taanee ituu jirruu karaa tokkicha ilma isaati dhiifama nuuf godhe. Jaalalli kanarra caalus hin jiru. *Yoh.3÷16*. *Rom.5÷10* Gooftaan keenya Iyyesuus Kiristoos seera wangeelaa kana keessatti akkaataa kanaan jabeessee kan inni nuuf kaa'e kana nutis jabaannee eeguu qabna. eeguu duwwaas miti raawwachuus qabna. mootichi Daawwit *Far.119÷38* irratti abboommiin kee waan na

ICCIITII ISA GUDDAA

gammachiisuuf akkan raawwadhuuf na gargaari akka inni jedhe nuunis nu haa gargaaru. Namoonni tokko tokko erg Gooftaa keenya Iyyesuus Kiristoosin amannee fudhannee seerri hin barbaachisuu jedhu. Waa'ee seera Musee Gooftaan keenya Iyyesuus Kiristoos maal jedha? *Mat.5÷17* Ani seera Musee fi barsiissa raajotaa diiguuf hin dhufne. Jabeessuufiin dhufe malee.. *Yoh.4÷5* yoo na jaallattu ta'e Abboommii koo eegaa.

Mat.19÷17 Gara jireenyaatti galuu yoo barbaaddeef abboommota ka'aman raawwadhu. *Luq. 16÷31* namni seera Museetti amanee fudhachuudhaa yoo baate hin fayyu. *Phaawuloos* qulqulluunis *H.Er. 24÷14* irratti daandii Gooftaa irra bu'ee Waaqa abbooti koo waaqeessa turan nan waaqeessa. Seera Musee fi barsiisa raajotaattis nan amanaa jedha. *Rom. 3÷31* Amanuu keenyaaf jennee seera dagannee? Waawuu cimsinee qabanne malee. *Rom.2÷12-13* Seera Musee eeguu dhiisanii warra cubbuu hojjetan hundumaatti ni faradna. *IXim.1÷8* Namni yoo akka ta'utti ittiin hojjete seerri gaarii ta'uu isaa ni beekna. Seerri kan tumame tolootaaf osoo hin taane jallootaaf, yakkamtootaaf, gantootaafi cubbamootaa fi waan qulqulluun warra morman hundaaf tumame.

ICCIITHI ISA GUDDAA

Gudunfaa dhimma seeraa

1. Walumaa galatti waa'ee barbaachisummaa dhimma seera Waaqayyoo mucaa namaaf kenne kakuu moofaa keessatti raajoonni kan barreessan s.Lew. 18:-6, M.lya.23:-6, M.Fkn. 28:-9 R.Milk.4:-4
2. Kakuu Haaraa keessatti Gooftaan keenya Waa'ee seeraa kan barsiise. Mat. 5:- 17-20, Mat. 23:-1-3 Luq. 2:-22, Luq.5:-14, Luq.16:-29-31 Yoh. 5:-45, Yoh.14:-15
3. Waa'ee Seera Waaqayyoo ilaalchisee Afaan duuka Bu'oota gooftaa keenyaan kan barsiifame. H.erg. 3:-22-26, H.Erg. 15:-1 , 11:-17, 24:-14 Rome 2:-12, Rome 3:-21, Rome 7:-7, Rome 9:- 6, Rome 10:-5, Rome 16-17-20 Gal.3:-27 Gal. 5:-14, Ya'iqob 2:-10
4. seera armaan olitti caqasame kana yoo eegne eebba akka argannus barreeffamee jira S.Lew. 26:-3-13, S.K.D 7:-12-24, S.K.D. 28:-1-14, Far. 37:- 18-34
5. Seera kan yoo eeguu didne immoo dha'ichi akka nutti dhufu barreeffamee jira S.Um.2:-17, S.Um. 3:-22 S.Lew.26:- 14-46, S.K.D. 27:-16 , S.K.D 28:- 15-68,
6. Kanaafuu yaa mucaa namaa fuuldura kee waa lama kaa'een jira isaanis du'aa fi jireenya lamaanuu isaa keessa tokko filadhu akkuma jedhamee caafamee jiru filannoon kan mataa keetiiti M.Siraak 15:-17, S.K.D 30:-15 Far. 34:-11-16

Abboommii isaa eegnee eebba Waaqaa fi lafaa akka argannuuf kadhannaan Dubroo Maariyaamii ,eegumasaan Qulqulloota Ergamoota Waaqayyoo, Eebbi Abbootii keenya Tolootaa , Arjummaan Waaqayyoo yeroo hundumaa nuu wajjiin haa ta'u. Ameen!

Seera Kee keessaa Dhugaa aja'ibsiisaa jiru arguuf akkan danda'utti ija Koo naaf bani. Far. 118/9/-18

****Icciitii isa Guddaa Kan jedhu kataa lammaaffaan isaa yeroo gabaabduu keessatti itti fufa.***

ICCIITII ISA GUDDAA

Qophii dhaaf Kitaaboolee na gargaaran

1. Kitaaba qulquulluu 81
2. Kitaaba hiikoo seera Uumamaa 1987 (Like mezemiran mogos) 'n maxxanfame
3. Kitaaba Niqiyaa Gennat
4. Kitaaba Asraat G/Mariyam (Timihirte melekot) kan jedhu
5. Kitaa Sayife Haymanot jedhu
6. maxxansa simi'a tsidqii, hamerii fi malakatii yeroo garaa garaa kan maxxanfame
7. Kitaaba Imnet jedhu

Akka Eeyyama Waaqayyoo tti kan sichi maxxanfamuudhaaf qophaa'ee jiru

1. kutaa 2ffaa icciitii isa guddaa
2. Kan Dubbistu kana Hubattaa?
3. Kan si kabajan nan kabaja kan jedhuu dha.

Kanaan Dura kan Maxxanfamee Gabaarra jiru

- Mana kee sirreeffadhu! Kan jedhuudha.

Nakakaasee Kan na jalqabsiise, najalqabsiisee kan na raawwachiise Galanni waaqa uumaa kootiif haa ta'u! Bara baraan amen!



B/sa Hordofaa Dhinaa

M. No 0911919523

Tel.No 05/2260096

ICCIITII ISA GUDDAA

- Namni jalqabaa Addaam eessatti uumame?
- Gennata keessa waggaa meeqa jiraate ?
- Erga Gennataa Ari'amee isa jiraate?
- Waggaa meeqa booda kakuu argate?
- Seexanni yoom uumame? Maal irraa uumame ?
- Samii mul'atu kanaa olitti bishaanni jiru maal jedhama?
- Sarii kanaa olitti samiiwwan jiran maal jedhamu ?
- Waa'ee daandii dhiphoo galaana ibiddaa fi kuufama ibiddaa gidduu jirtu lubbuun irraceetu beektuu?
- Addaam eessatti awwaalame? k.k.f deebii isaa Icciiitii guddaa kan jedhu kitaaba kana keessatti argattu.

DUBBISA GAARII !!!

Gatti 17.00